# Qajeelfama Mirgoota Maatii Barnoota Addaa Keessatti



Hubachiisa Eegumsa Hojimaata Barnoota Addaa irratti

Fulbaana 2024





Department of Education & Workforce

WAA'EE BARNOOTA ADDAA ....... 2
Barnoota Addaa irratti qunnamtii mana barumsaa keessanii ....... 2
Barnoota Addaa irratti Qunnamtii Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce) ....... 2
SEENSA QAJEELFAMA MIRGOOTA MAATII KANAA ....... 3
ODEEFFANNOO WALIIGALAA ....... 4
Hayyama maatiin hubachiifamuun booda kennan ....... 4
Hayyama hubachiifamuun boodaa keessan kennuuf Ejensiin Barnootaa dirqama: ....... 5
Mucaan keessan Barnoota Addaa argachuuf nii malaa? ....... 6
Gamaaggama Barnootaa Of-danda'e (Independent Educational Evaluations (IEE)) ....... 7
Hubachiisa Barreeffamaa dursaan kennamu ....... 8
Sagantaa Barnootaa Dhuunfaatti (Individualized Education Program (IEP)) ....... 9
GALMEEWWAN BARNOOTAA ....... 10
Argamuu Galmeewwanii ....... 10
WALDHABDEE FURUU ....... 12
Adeemsa Waldhabdee Furuu ....... 12
Iyyata Yeroodhaan Furuu ....... 13
Haala Mijeessuu ....... 13
Jiddu-seentummaa ....... 15
Iyyata Mootummaa galchuu ....... 16
Iyyata Adeemsa Seeraa Galchuu ....... 20
ADEEMSAA FI YEROO/SAGANTAA ADEEMSA DHADDACHAA ....... 21
Quubsaa Ta'uu ....... 21
Yeroo Furmaataa ....... 22
Adeemsa Dhaddachaa ....... 23
Si'achuu Adeemsa Dhaddachaa fi Yeroo Hojii ....... 24
Ol iyyannoo Murtoo ....... 24
Yeroo Dhaddachaatti haala daa'imni ittiin turu ....... 25
Kaffaltii Abukaatoo Seeraa ....... 26
NAAMUSA ....... 28
Adeemsa Naamusaa Daa'imman Qaama miidhamoof ....... 28
Amala Miidhama Qaamaa wajjin wal-qabatan adda baasuu ....... 29
Filannoowwan Haala Barnootaa yeroo murta'eef (Yeroo gabaabaaf yookiin kan biroo) ....... 30
RAMADDII GAM-TOKKEE DAA’IMMAN QAAMA MIIDHAMTOOTA BAASII MOOTUMMAATIIN MANA BARUMSAA DHUUNFAA KEESSATTI MAATIIN RAAWWATAMU ....... 32
Adeemsa Kaffaltii Beenyaa Murteessuu ....... 32
DAA'IMMAN MIIDHAMA QAAMAA QABANIIF SAGANTAA BARNOOTA BILISAA MAATII ISAANII BEEKSISUU ....... 33
Yeroo Beeksisni Raawwatu ....... 33




Department of Education & Workforce

# Waa'ee Barnoota Addaa

Barnooti addaa barattoota umurii 3 hanga 21 gidduu jiraniif kennamu ulaagaa Federaalaa fi Isteetiidhaan qajeelfama. Ulagaaleen Federaalaa, Dambii Barnootaa Nama Qaama Miidhamaa (Individuals with Disabilities Education Act (IDEA)) jedhamuun beekamu. Ulaagaaleen Isteetii, Sadarkaa hojii Barnoota Qaama Miidhamtootaa Ohio ( Sadarka Hoii Ohio) (Ohio Operating Standards for the Education of Children with Disabilities (Ohio Operating Standards)) jedhamun beekamu.

Qajeelfamni kun akka IDEA fi Sadarkaa Hojii Ohio'n (Ohio Operating Standards) jedhanitti mirga keessanii fi mirga daa'ima keessanii akka hubattan isin gargaara. Akkasumas Odeeffannoowwanii fi Maddeen waa'ee deeggarsaa fi tajaajila barnoota addaa daa'ima keessanii hubachuuf isin gargaaran isiniif kenna.

Dhaabbanni barnootaa naanoo keessanii (fakkeenyaaf, Distriiktii mana barumsaa keessanii), Seera kana jalatti mirga isin qabdan akka hubattan isin gargaaru. Odeeffannoowwan Qajeelfama kana keessa jiran irratti gaaffii yoo qabaattan, qindeessaa barnoota addaa dhaabbata barnootaa keessanii quunnamaa.

## Barnoota Addaa irratti qunnamtii mana barumsaa keessanii

*Maaloo odeeffannoowwan armaan gadii Kutaa itti aanu keessatti guutaa.*
Dhaabbata Barnootaa:
Qindeessaa Barnoota Addaa
Lakoofsa Bilbilaa:
Iimeelii:

## Barnoota Addaa irratti Qunnamtii Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce)

(Lakkoofsa) 614-466-2650
Toora bilbilaa bilisaa (877) 644-6338
(Faaksii) 614-728-1097

25 S. Front Street
Lakkoofsa Poostaa 409
Columbus, Ohio 43215
Odeeffannoo Qunnamtii dabalataa

Exceptionalchildren@education.ohio.gov

Warreen bilbila dhaabbataa (TTY) fayyadamtan, maaloo Relay Ohiof Service (800) 750-0750 irratti bilbilaa.



Department of Education & Workforce

# Seensa Qajeelfama Mirgoota Maatii kanaa

Dambiin Barnootaa Nama Qaama Miidhamaa (The Individuals with Disabilities Education Act (IDEA)), mirga barattoota Qaama miidhamtootaa fi mirga maatii isaanii kan eegu dha. Qajeelfamni Kun waa'ee mirgoota Sanaa isinitti hima. Mucaan keessan tajaajila barnoota addaa nii argata yoo ta'e, manni barumsaa keessan koppii qajeelfama kanaa waggaatti al tokko isiniif kennuutu irra jiraata. Akkasumas koppii kana fudhachuun kan isin irra jiraatu:

- Mucaan keessan Miidhama qaamaa qaba jettanii waan yaaddaniif akka isiniif ilaalamu yoo gaafattan.
- Dhaabbanni barnootaa keessan mucaan keessan miidhama qaamaa qaba jedhee waan yaadeef akka ilaalamu yoo barbaade.
- Iyyata barreeffamaan gara Waajjira Ijoollee addaa (Office for Exceptional Children) Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti (Ohio Department of Education and Workforce) kan galchitan ta'ee fi kunis komii bara barnootaa sanaaf is jalqabaa ta'e.
- Gaaffii barreeffamaa waa'ee barnoota mucaa keessanii ilaalchisuun adeemsa seeraa jiru beekuuf gara Waajjira Ijoollee addaa (Office for Exceptional Children) Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti (Ohio Department of Education and Workforce) kan galchitan yoo ta'ee fi kunis bara barnootaa sanatti gaaffi jalqabaa keessan yoo ta'e.
- Mucaan keessan sababa naamusaatiif mana barumsaa irraa kan dhorkame yoo ta'e, akkasumas bara barnootaa kanatti guyyaa 10 oliif mana barumsaa irraa dhorkameera yoo ta'e
- Yeroo kamittuu koppii qajeelfama kanaa yoo barbaaddan





Ohio Department of Education & Workforce

# Odeeffannoo Waliigalaa

## Hayyama maatiin hubachiifamuun booda kennan

Namni kamuu mucaa isaa barnoota addaaf ilaalchisuu nii danda'a. Maatiin waa'ee barnoota, guddinaa yookaan dalagaa mucaa isaanii irratti yaaddoo yoo qabaattan iyyata barreeffamaa barnoota addaaf ilaalchisuuf gara barsiisaa daa'ima keessaniitti, dura taa'aa mana barumsaatti, akkasumas to'ataa yookaan bulchaa barnoota addaatti galchuu nii dandeessu. Erga manni barumsaa iyyata sana fudhatee booda guyyaa 30 keessatti ilaaluuf yookaan ilaaluu dhiisuuf yaada qaban isin beeksisu. Adeemsa ilaalchisuu eegalsiisuuf maatiin hayyamamaa ta'uu isaanii barreeffamaan ibsuu qabu.

Daa'imni tokko barnoota addaa fi tajaajila biroof akka malu erga mirkanaa'ee booda, Sagantaan Barnootaa Dhuunfaa (Individualized Education Program (IEP)) gabaasa garee madaaltuu (evaluation team report (ETR)) irratti hundaa'uun nii qophaa'a. IEP'n sanada ibsa kaayyoo fi galma barnootaa mucaan keessan bara barnootaa sana keessa irratti hojjetu of keessatti kan qabatu dha. Akkasumas galma IEP keessatti caqasame milkeessuuf deeggarsaa fi tajaajila daa'ima keessan barbaachisu nii eera.

Mucaa keessaniif gareen IEP nii keennama. Miseensonni garee kanaas:

- Maatii
- Yoo xiqqaate barsiisaa waliigalaa tokko (yoo daa'imni sun barnoota idilee irratti kan hirmaatu ta'eef yookaan gara fuulduraatti hirmaachuu kan danda'u yoo ta'e)
- Yoo xiqqaate daa'imichaaf barsiisaa barnoota addaa tokko
- Bakka bu'aa dhaabbata barnootaa ulaagaa guutu.
- Nama agarsiistuu tooftaa barnootaa bu'aa qorannoo hiikuu danda'u
- Eeyyama maatii yookaan dhaabbata barnootaan, akka barbaachisummaa isaatti namoota daa'ima sanaa fi tajaajila isa barbaachisu irratti beekumsaa fi shaakala addaa qaban
- Yeroo barbaachisee ta'ee argametti, Daa'ima miidhama qaamaa qabu

**Gamaaggama IEP:** Gareen IEP yoo xiqqaate waggaatti al tokko, IEP gamaaggamuuf wal arguu qaba. Garuu al tokkoo caalaa IEP keessa deebi'uun ilaaluuf wal arguu danda'u, keessumattuu daa'imni sun fooyya'iinsa agarsiisaa hin jiru yoo ta'e. Seera Ohio jalatti tajaajila barnoota addaa eegalsiisuuf eeyyamni maatii dirqama dha, garuu gamaaggamaa fi keessa deebii IEP hojii irra oolchuuf hin barbaachisu. Haa ta'u malee IEP keessatti hirmaannaa jabaan maatii gahee olaanaa qaba. Walgahii keessa deebii kamuu irratti maatiin miseensa IEP barbaachisoo ta'ani dha.

**Hirmaannaa Maatii**: Akka maatii daa'ima qaama miidhamaa tokkotti, Walgahii garee IEP hundumaa irratti hirmaachuuf beeksifamuu akkasumas carraa argachuuf mirga qabdu. Dhaabbanii barnootichaa akka isin irratti hirmaattaniif akkasumas yeroo fi bakka hundumaaf mijatutti walga'ichi akka geggeeffamuuf beeksisa walga'ii dursee kennuu qaba.

**Maatiin guddiftuu maali?**
Maatii guddiftuu jechuun daa'imni qaama miidhamaa tokko tajaajila barnoota addaaf ulaagaa guutuu akkasumas argachuu akka danda'uuf nama bakka bu'u jechuu dha.

Dhaabbanni barnootaa naannoo keessani haalonni armaan gadii yeroo mudatanitti maatii guddiftuu isiniif ramada:

- Maatii baruun yoo dadhabame
- Dhaabbanni barnootaa dhamaatii gahaa ta'e erga taasisee booda maatii argachuu yoo dadhabe
- Daa'imni sun qofa-galeessa mana hin qabne yoo ta'e.
- Daa'imni sun kunuunsa mootummaa jala kan jiru yoo ta'e

Hayyama maatiin hubachiifamuun booda kennan jechuun Isinii fi /yookaan maatiin guddiftuu dhaabbata barnootaan muudaman, barreeffamaan dhaabbanni barnootaa akka hojiitti seenu eeyyama kennuu jechuu dha.



Ohio Department of Education & Workforce

Hayyama hubachiifamuun kennitan jechuun dhaabbanni barnootaa waa'ee gochaa karoorfamee odeeffannoo isinii kenna jechuu dha. Dhaabbanni barnootichaa Hayyama hubachiifamuun boodaa keessan barreeffamaan argachuu kan qabu:

- Dhaabbanni barnootichaa yeroo jalqabaaf daa'imni keessan barnoota addaa fi tajaajiloota walfakkaataniif maluu isaa adda baasuuf ilaaluun dura
- Dhaabbanni barnootichaa tajaajila barnoota addaa Sagantaa Barnootaa Dhuunfaa, yookaan IEP jedhamuun beekamu, daa'ima keessanii isa jalqabaa irratti tarreeffaman kennuu eegaluun dura
- Dhaabbanni barnootichaa wanti daa'ima keessan barbaachisu jijjiiramuu isaa beekuuf irra deebiin ilaaluu isaan dura
- Dhaabbanni barnootichaa dabalataan dhuunfaatti daa'ima keessan ilaaluu isaan dura. Fakkeenyaaf, Gamaaggama Bu'uura Amalaa
- Dhaabbanni barnootichaa ramaddii barnootaa daa'ima kessanii jijjiiruu isaan dura  Kana jechuun jijjiirraa iddoo gamoo barnootaa jechuu miti. Jijjiirraa Sagantaa barnootaa daa'ima keessanii jechuu dha malee.
- Dhaabbanni barnootichaa odeeffannoo waa'ee daa'ima keessanii warreen seera Federaalaa fi isteetii keessatti tarreeffamaniin alatti kennuun dura

Odeeffannoon barataa jiru gahaa akka ta'ee fi qorannoo dabalataa akka hin barbaachifne gareen IEP murteessu illee, irra deebiin ilaaluuf hayyamni maatii barbaachisaa dha. Kunis yeroo tokko tokko "gamaaggama galmee" irra deebiin ilaaluu jedhamuun beekama.

**Hayyamni maatii hubachiifamuun boodaa kanneen armaan gadii yoo mudatan hin barbaachisu:**

- Dhaabbanni barnootichaa akka qaama adeemsa hordoffiitti odeeffannoo barataa jiru keessa deebiin yeroo ilaalu/madaalu
- Dhaabbanni barnootichaa gamaaggama barataa hundumaa irratti geggeeffamu daa'ima keessan irratti yoo taasisu

## Hayyama hubachiifamuun boodaa keessan kennuuf Ejensiin Barnootaa dirqama:

- Odeeffannoo murtii gochuuf isin gargaaru hundumaa afaan dhalootaa keessaniin yookaan mala waliin dubbii isin hubachuu dandeessaniin isiniif dhiyessuu isaa mirkaneessuu qaba
- Dhabbanni barnootichaa hojiitti akka seenuu fi eeyyamni keessan hojicha akka ibsu, akkasumas odeeffannoo daa'ima keessaniiwarra kaan waliin qoodamuu kamiyyuu fi eenyuuf akka qoodamu hubachuu fi barreeffamaan irratti waliigaluu keessan mirkaneessuu qaba
- Hayyama keessan filannoo mataa keessaniin akka kennaa jirtanii fi yeroo barbaaddanitti yaada jijjiirrachuu akka dandeessan hubachuu keessan mirkaneessuu qaba
- Hayyama keessan yoo haqxan, dhaabbanni barnootichaa yeroo hayyama kennitanii fi hayyama haqxan gidduutti hojii hojjete duubatti deebisuun irraa akka hin eegamne isin hubachiisuu isaa mirkaneessuu

### HAYYAMAHAQUU

Hayyama haquu jechuun eeyyama kennitani turtan dhorkachuu jechuu dha. Daa'imni keessan tajaajila barnoota addaa akka  IEP isaa irratti taa'eetti akka inni fudhatu kan hin barbaanne yoo ta'e, hayyama keessan yeroo kamittuu haquu nii dandeessu. Kanas *Barreeffamaan* gochuu qabdu.

Kana booda, dhaabbanni barnootaa keessan:

- Tajaajila barnoota addaa IEP keessa jiru daa'ima keessaniif kennuu dhaabuutu irra jiraata, garuu dhaabuu isaan dura, dhaabbanni barnootichaa tajaajilichaa addaan kutaa akka jiru beeksisa barreeffamaa isiniif kennuu qaba. Beeksisa dhaabbanni barnootichaa isiniif kennu Hubachiisa barreeffamaa dursaan kennamu jedhamuun beekama. Hubachiisni barreeffamaa dursaan kennamu, ulaagaalee kutaa hubachiisa barreeffamaa dursaan kennamuu, fuula8 qajeelfama kanaa irratti kaa'ame guutuu qaba.

Erga dhaabbanni barnootichaa daa'ima keessaniif tajaajila barnoota addaa akka hin kennine hubaachiisa barreeffamaa dursuun kennamuun ibsee fi tajaajilicha addaan kutee booda, dhaabbanni barnootichaa daa'imni keessan akka inni barnoota addaaf malutti hin ilaalu. Bakka isaa akka barataa barnoota waliigalaatti ilaala.

# Mucaan keessan Barnoota Addaa argachuuf nii malaa?

Dambii Barnootaa Nama Qaama Miidhamaa (Individuals with Disabilities Act (IDEA)) fi Koodii Bulchiinsa Ohio (Ohio Administrative Code)jalatti akka qaama miidhamaatti ilaalamuuf, , mucaan keessan miidhama asiin gaditti tarreeffaman keessaa tokko qabaachuutu irra jiraata. Miidhamni qaamaa sun ga'umsa barnoota daa'ima keessanii irratti dhiibbaa kan geessiisee fi daa'ima keessan sababa miidhama qaamaa isaa/ishee barnoota addaa fi tajajjilawwan walfakkaatan kan biroon isa/ishee barbaachise dha.

- Dhibee sammuu
- Hir'ina dhageettii
- Hir'ina afaanii yookaan dubbii
- Hir'ina agartuu
- Jeequmsa miiraa
- Dhibee lafee
- Ootiizimii
- Miidhaa balaa sammuu
- Dhibee fayyaa kan biroo
- Hanqina waa baruu
- Gurri kan hin dhageenye
- Gurri kan hin dhageenye-Iji kan hin argine
- Miidhama qaamaa hedduu
- Boodatti hafuu guddinaa

**Afaan dhalootaa keessan yookaan mala waliin dubbii kan biroo**

Walgahii isin irratti hirmaattan hundumtuu, adeemsi ilaalamuu/qorannoo daa'ima keessanii fi hubachiisni isin barreeffamaan yookaan afaaniin fudhattan kamiyyuu afaan dhalootaa keessanniin yookaan mala waliin dubbii kan biroo isin fayyadamtaniin ta'uu qaba.

Qorannoowwanii fi meeshaaleen ittiin daa'imni keessan madaalamu hundinuu afaan dhalootaa daa'ima keessaniin yookaan mala waliin dubbii kan biroo waa'ee barnoota, guddinaa fi haala daa'ima keessanii sirriitti ibsuun ta'uu qaba. Yoo hojii irra oolchuun hin danda'amu ta'een alatti.

## DHAABBATNI BARNOOTICHAA AKKA DAA'IMA KEESSAN ILAALUUF GAAFADHAA

Yoo daa'imni keessan miidhama qaamaa barnoota isaa irratti dhiibbaa geessisu qaba jettanii yaaddaniif, daa'imni keessan barnoota addaaf (IDEA jalatti akka daa'ima qaama miidhamaatti) maluu isaa/ishee adda baasuuf dhaabbanni barnootaa akka isiniif ilaalu gaafadhaa. Dhaabbanni barnootichaa guyyaa 30 keessatti hayyama maatii hubachiifamuun boodaa keessan fudhachuun yookaan hubachiisa Barreeffamaa dursaan kennamuun maaliif akka dhaabbanni barnootichaa daa'imni keessan miidhama qaamaa qaba jedhee hin shakkine ibsuun deebisuu qaba. Dhaabbanni barnootichaa daa'imni keessan miidhama qaamaa qaba jedhee yoo shakke yeroo kamittuu daa'ima keessan ilaaluuf hayyama isin gaafachuu danda'a. Karaa lamaanuu, dhaabbannii barnootichaa hayyama hubachiifamuun boodaa keessan barreeffamaan erga argatee booda, adeemsa ilaaluu isa jalqabaa guyyoota hojii 60 keessatti fixuu qaba.

### DAA'IMNI KEESSAN YOO MANA BARUMSAA TOKKO GARA MANA BARUMSAA BIROOTTI JIJJIIRAME

Daa'imni keessan dhaabbata barnootaa tokko irraa gara dhaabbata barnootaa biroo Ohio keessa jiruutti yoo jijjiirame, dhaabbanni inni haaraan gabaasa ilaalamuu dhaabbata barnootaa duraanii irraa fudhateen guyyaa 30 keessatti :

- Dhaabbata barnootaa duraaniitti isa daa'imni ilaalame fudhachuu yookaan
- Irra deebiin ilaaluuf hayyama argachuu qaba.

Qorannoon irra-deebii dhaabbata barnootaa isa haaraan taasifamu kamiyyuu erga hayyama maatii hubachiifamuun boodaa keessan kennitanii booda guyyoota 60 keessatti raawwachuu qaba.

### DAA'IMNI SUN KUNUUNSA MOOTUMMAA JALA KAN JIRU YOO TA'E

Daa'imni sun *kunuunsa mootummaa jala kan jiruu* fi maatii isaa/ishee wajjin kan hin jiraanne yoo ta'e, haalota armaan gadii keessatti dhaabbanni barnootichaa daa'imni sun miidhama qaamaa qabaachuu ilaaluuf hayyamni maatii hubachiifamuun boodaa isa hin barbaachisu:

- Dhaabbanni barnootichaa dhamaatii gahaa ta'e erga taasisee booda maatii daa'imaa argachuu yoo dadhabe
- Mirgi maatii kan addaan cite yoo ta'e; yookaan
- Mirgi maatii yoo Abba murtiidhaan nama jalqaba hayyama hubachiifamuun boodaa kenneef dabarfamee kenname ta'e

## Gamaaggama Barnootaa Of-danda'e (Independent Educational Evaluations (IEE))

Gamaaggamni Barnootaa Of-danda'e (independent educational evaluation (IEE)), Qaama alaan ilaalamuu jedhamuunis nii beekama. Dhaabbanni barnootichaa qorannoo qaama alaa kanaaf kan kaffalu, yoo duraan ofii isaa daa'ima keessan erga ilaalee booda waan dhaabbanni barnootichaa argate irratti yoo waliigaluu diddan qofa. Kaayyoon isaas daa'imni keessan barnootni addaa akka barbaachisu beekuu fi barnoota addaa itti fufsiisuun akka barbaachisu adda baasuu dha. Namni qaama alaa irraa dhufuun daa'ima keessan ilaalu dhaabbata barnootaa daa'ima keessanif nama hojjetu ta'uu hin danda'u. Akka maatiitti, isin yeroo barbaaddanitti qaama alaaf kaffaluun daa'ima keessan ilaalchisuuf mirga qabdu. Isa dhaabbani barnootaa keessan daa'ima keessan ilaale irratti akka walii hin galle erga ibsitanii daa'imni keessan qaama alaan akka ilaalamu gaafattanii booda, osoo hin turiin dhaabbanni barnootaa keessan tarkaanfii armaan gadii keessaa tokko fudhachuu qaba:

- Dhaabbanni barnootichaa bakka itti daa'ima keessan qaama alaatiin ilaachistan ofii keessanii eessaa akka argachuu dandeessanii fi dhaabbanni sun baasii isin danda'uuf ulaagaa akkamii guutuu akka qabdan isin beeksisuun dirqama. Erga dhaabbanni barnootichaa irratti waliigalee qaama alaan daa'ima keessan ilaalchistanii booda, baasii isaa dhaabbanni barnootichaa kaffaluu qaba.
- Dhaabbanni barnootaa sababa gaaffii qaama alaatiin ilaalamuu daa'ima keessanii irratti walii hin galeef adeemsa seeraaf (fuula 20 ilaalaa) gara Waajjira Ijoollee addaa (Office for Exceptional Children) Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti (Ohio Department of Education and Workforce's) iyyata galchuu qaba. Kunis dhaabbanni barnootichaa qorannoon ofii isaa daa'ima keessan irratti godhe sirrii dha jedhee waan yaaduufi dha.

### ULAAGAA QAAMA ALAATIIN ILAALAMUU

Ulagaa dhaabbata barnootichaa daa'imni ittiin ilaalamutu, qaama alaan ilaalamuu daa'imaa irrattis hojii irra oola, baasii isaas dhaabbata barnootichaatu kaffala. Ulagaan kunis daa'imni keessan ilaalamuuf eessa akka



Department of Education & Workforce

deemuu fi muuxannoo nama daa'ima keessan ilaaluu of keessatti haammata. Dhaabbanni barnootichaa baasii qaama alaan ilaalamuu ulaagaa dhaabbata barnootichaa guutanii guutummaatti kaffaluu qaba.

Qaama alaan ilaalamuu daa'ima keessaniif yoo gaafattan, dhaabbanni barnootichaa maalif isa isaan jedhan irratti akka waliif hin galle isin gaafachuu danda'a ( sababa isin qaama alaan ilaalamuu daa'ima keessanii barbaaddan jechuu dha), garuu yoo fedha keessan ta'een ala ibsuun isinirraa hin eegamu. Yeroo dhaabbanni barnootichaa daa'ima keessan ilaalee isin immoo gabaasa isaa irratti waliif hin galle hundumaatti, mirga baasiin qaama alaan ilaalamuu daa'ima keessanii dhaabbata barnootichaan kaffalamuu tokko qofa qabdu.

Erga daa'imni keessan qaama alaan ulaagaa dhaabbata barnootichaa guutuun ilaalamee booda, qaama kaffale irratti osoo hin hundaa'iin, dhaabbanni barnootichaa gabaasa qaama alaa sana ilaalcha keessa galchuun akkaataa itti daa'ima keessaniif Barnoota mootummaa bilisaa fi sirrii ta'e (free appropriate public education (FAPE)) kennuu adda baasuu qaba.

## Hubachiisa Barreeffamaa dursaan kennamu

### DIMSHAASHA

Dhaabbanni barnootaa tarkaanfii ta'e tokkofudhachuu yookaan dhiisuu isaan dura yeroo gahaa ta'e keessatti hubaachiisa barreeffamaa ( Hubachiisa barreeffamaa dursaan kennamu jedhamuun beekamu) isiniif kennuu qaba. Tarkaanfiiwwan kunis, dhaabbanni barnootichaa adeemsa ilaalamuu daa'ima keessanii eegalsiisuu, waraqaa eenyummaa jijjiiruu, ramaddii barnootaa daa'ima keessanii jijjiiruu yookaan daa'ima keessaniif Barnoota mootummaa bilisaa fi sirrii ta'e dhiyeessuu dha. Hubachiisni barreeffamaa dursaan kennamu unka barnootaa addaa guutamuu qabu dha.

### QABIYYEE HUBACHIISA BARREEFFAMAA DURSAAN KENNAMUU

Hubachiisni barreeffamaa dursaan kennamu murtoo tajaajila barnoota daa'ima keessanii irratti hirmaachuuf akka isin gargaarutti odeeffannoo gadi fagoo isin barbaachisu dhiyeessuu qaba. Hubachiisni barreeffamaa dursaan kennamu of keessatti haammachuu kan qabu:

- Hojiiwwan dhaabbata barnootichaan fudhataman yookaan didaman
- Ibsa sababa dhaabbanni barnootichaa hojicha hojjechuuf karoorse yookaan diduuf
- Ibsa adeemsaa, madaallii, galmee fi gabaasa qorannoo manni barumsaa ittiin murtii taasise hundumaa.
- Barreeffama adeemsa IDEA jalatti eegumsa akka qabdan ibsu. Yoo hubachiisichi ilaalamuu daa'imaaf wabii jalqabaa hin turre ta'e, mala ittiin ibsa eegumsa adeemsaa ittiin argattan
- Maddeen quunnamtii ulaagaa IDEA hubachuuf isin gargaaranii
- Ibsa filannoowwan biroo garee IEPtiin ilaalcha keessa galchamanii turanii, akkasumas sababa filannoowwan sun hojiirra hin oolchamiin hafaniif
- Ibsa sababoota barbaachisoo ittiin dhaabbanni barumsichaa hojiiwwan kaan hojiirra ittiin oolche kaan immoo dide

### HUBACHIISA BARREEFFAMAA DURSAAN KENNAMU AFAAN HUBACHUUN DANDA'AMUUN

Hubachiisni barreeffamaa dursaan kennamu afaan saba bal'aan hubatamu danda'uu fi afaan dhalootaa keessaniin dhiyaachuu qaba, akkasumas  Yoo hojiirra oolchuun hin danda'amu ta'een alatti, mala waliin dubbii kan biroon ta'uu qaba.

Afaan dhalootaa kee ykn akkaataan qunnamtii kan biraa afaan barreeffamaa yoo *hin taane*, dhaabbati barnootaa beeksisa barreeffamaa duraan kenname afaaniin, ykn karaa hubatamaa ta'een, afaan dhaloota keetiin ykn haala qunnamtii birootiin hiikuuf tarkaanfii fudhachuu qaba. Dhaabbanni barnootichaa hubachiisni


Ohio Department of Education & Workforce

barreeffamaa dursaan kennamu sirriitti hiikamuu isaa fi qabiyyyee isaa sirnaan hubachuu keessan agarsiisuu danda'uu isaa barreeffamaan mirkaneessuu qaba.

## Sagantaa Barnootaa Dhuunfaatti (Individualized Education Program (IEP))

Sagantaa Barnootaa Dhuunfaattii (Individualized Education Program (IEP)), sanada ibsa kaayyoo fi galma barnootaa daa'imni keessan kan bara barnootaa sanaa irratti hojjetu of keessatti kan qabatu dha. Akkasumas galma IEP keessatti caqasame milkeessuuf deeggarsaa fi tajaajila daa'ima keessan barbaachisu nii eera.

Gareen IEP kan of keessatti haammatu:

- Maatii
- Yoo xiqqaate barsiisaa waliigalaa tokko (yoo daa'imni sun barnoota idilee irratti kan hirmaatu ta'eef yookaan gara fuulduraatti hirmaachuu kan danda'u yoo ta'e)
- Yoo xiqqaate daa'imichaaf barsiisaa barnoota addaa tokko
- Bakka bu'aa dhaabbata barnootaa ulaagaa guutu.
- Nama agarsiistuu tooftaa barnootaa bu'aa qorannoo hiikuu danda'u
- Eeyyama maatii yookaan dhaabbata barnootaan, akka barbaachisummaa isaatti namoota daa'ima sanaa fi tajaajila isa barbaachisu irratti beekumsaa fi shaakala addaa qaban
- Yeroo barbaachisee ta'ee argametti, Daa'ima miidhama qaamaa qabu

**Gamaaggama IEP:** Gareen IEP yoo xiqqaate waggaatti al tokko, IEP gamaaggamuuf wal arguu qaba. Garuu al tokkoo caalaa IEP keessa deebi'uun ilaaluuf wal arguu danda'u, keessumattuu daa'imni sun fooyya'iinsa agarsiisaa hin jiru yoo ta'e. Ohio keessatti, walga'ii gamaagggama IEP waggaatti taasifamu geggeessuuf Hayyamni maatii qabaachuun hin barbaachisu. Hayyamni maatii IEP jalqabaa qofaaf barbaachisa. IEP daaíma keessaniif qopheessuu keessatti gahee olaanaa taphattu; Gamaaggama IEP irratti akka hirmaattanis hedduu jajjabeeffamtu.

**Hirmaannaa Maatii**: Akka maatii daa'ima qaama miidhamaa tokkotti, Walgahii garee IEP hundumaa irratti hirmaachuuf beeksifamuu akkasumas carraa argachuuf mirga qabdu. Dhaabbanii barnootichaa akka isin irratti hirmaattaniif akkasumas yeroo fi bakka hundumaaf mijatutti walga'ichi akka geggeeffamuuf beeksisa walga'ii dursee kennuu qaba.



# Galmeewwan Barnootaa

## Argamuu Galmeewwanii

Dambiin Barnootaa fi Iccitii Dhuunfaa Maatii (The Family Educational Rights and Privacy Act (FERPA)) seera federaalaa mirga galmee barnootaa daa'ima keessanii ilaaluu fi sakatta'uu isiniif kennu dha. Mirgi FERPA jalatti eerame yommuu barataan keessan umurii 18 guutu yookaan mana barumsaa sadarkaa lammaaffaa boodaa (koolleejjii ykn yuunivarsiitii) seenu, haalota lamaan keessaa kan dura ta'e irratti hundaa'uun, isin irraa ka'ee gara barataa keessaniitti darba.

### GALMEEWWAN BARNOOTAA MAALI?

Odeeffannoon barataa tokkoo seera FERPA jalatti eegamuuf dhiisuun isaa ulaagaa galmee barnootaa guutuu isaa irratti hundaa'a. FERPA'n galmeewwan barnootaa akka armaan gadiitti hiika:

1. Galmeewwan kallatiidhaan barataa tokkoo wajjin wal qabatan; al tokko tokko odeeffaannoo eenyummaa jedhamuun beekamuu danda'u
2. Galmeewwan dhaabbata barnootaa yookaan dhaabbilee biroo( fakkeenyaaf Distriiktii mana barumsaa keessanii) yookaan qaama dhaabbata sanaaf hojjetuun kuufamani dha.

### ODEEFFANNOON EENYUMMAA KAN OF KEESSATTI HAAMMATU:

- Maqaa muca keessanii
- Maqaa miseensota maatii
- Teessoo mucaa keessanii yookaan teessoo maatii
- Odedeeffannoo eenyumaa kan akka lakkoofsa wabii hawaasummaa(SSN), lakkoofsa barataa yookaan galmee baayomeetirii
- Mala ittiin mucaan keessan beekamu kan biroo kan akka guyyaa dhalootaa, bakka dhalootaa, maqaa haadhaa kan dhalootaa, sanyii yookin sabummaa.
- Odeeffannoowwan biroo kophaa isaaniis ta'e walitti makamuun barataa murtaa'e tokko waliin kan walqabatan ykn walitti hidhaman kan namni qabatamaan hawaasa mana barumsichaa ta'ee haala qabatamaa irratti beekumsa dhuunfaa kan hin qabne, barattuu sana ofitti amanamummaan akka adda baasu kan taasisu
- Odeeffannoo nama manni barnumsichaa waa'ee mucaa keessanii beekuu qaba jedhee yaaduun gaafatame
- Fakkeenyawwan biroo FERPAN'n ibsaman

### QABIINSAA FI ICCITIIN EEGUU GALMEEWWANII

Galmeewwan barnootaa karaa hedduun qabamuu danda'u. Fakkeenyonni muraasni:

- Barreeffama harkaan
- maxxanfamanii
- Kompiitaraan
- Viidiyoo yookaan sagaleen waraabamee
- Fiilmii, maayikiroofiilmii yookaan maayikiroofiishiin

Galmeewwan barataa dhoksaadhaan eegamuu qabu, kana jechuun *iccitii dhuunfaa* dha. Dhaabbanni barnootaa keessan yeroo galmeewwan mucaa keessanii funaanu, kuusuu, gadhiisuu fi balleessutti iccitiidhaan eeguun dirqama isaati.



Department of Education & Workforce

## GALMEE MUCAA KEESSANII ILAALUU

Dhaabbani barnootichaa turtii tokko malee akkasumas walga'ii garee IEP dura yookaan adeemsa biroo isin irratti hirmaattaniin dura galmee barnootaa mucaa keessanii akka ilaaltaniif siniif eyyemuun dirqama isaati. Dhaabbanni barnootichaa galmeewwan mucaa keessanii ilaaluuf erga gaafattanii booda guyyoota 45 caalaa turuu hin dandaú.

Galmeewwan sana keessaa galmee waa'ee odeeffannoo mucaa *keessanii* qofa ilaaluuf mirga qabdu Dhaabbanni barnootichaa waa'ee galmee mucaa keessanii akka isiniif ibsuuf gaafachuuf mirga qabdu. Nama bakka keessan bu'ee ( hiriyyaa yookaan abukaatoo) galmee daaíma keessanii ilaalu qabaachuuf mirga qabdu.

Dhaabbanni barnootichaa koppii galmee mucaa keessanii isiniif kennuu mala; haa ta'u malee, kana gochuu dhabuun mirga galmeewwan ilaaluuf qabdu akka hin fayyadamne kan si dhowwu yoo ta'e, dhaabbati barnootaa kooppii siif kennuu qaba.. Yeroo hundumaa koppii galmee mucaa keessanii baasii mataa keessaniin fudhachuuf mirga qabdu.

## JIJJIIRRAMA GALMEE BARNOOTAA IRRATTI

Galmee barnootaa mucaa keessanii keessatti odeeffannoon dogoggoraa yookaan sirrii hin taane akka jijjiiramuuf dhaabbata barnootichaa gaafachuuf mirga qabdu. Manni barumsaa mucaa keessanii sababa isin gaaffattan qofaaf galmee mucaa keessanii jijjiiruun irraa hin eegamu, garuu gaaffii keessan *ilaalcha keessa galchuu* qaba. Akka isin gaafattanitti manni barumsichaa galmee mucaa keessanii yoo jijjiiruu dhiisuuf murteesse, manni barumsichaa dhaddachatti waa'ee kana dhiyeessuuf mirga akka qabdan isin beeksisuu qaba

Dhaddacha sana booda manni barumsichaa ammallee galmee barnootaa jijjiiruu dhiisuu yoo murteesse, waa'ee dhimma sanaa irratti hima keessan galmee mucaa keessaniitti dabaluuf mirga qabdu. Himni kun qaama galmee mucaa keessanii ta'ee turuu qaba.

## GALMEE BARNOOTAA QOODUU

Dhaabbanni barnootichaa galmee barnootaa mucaa keessan ibsu qaama biroof qooduu yoo barbaade, hayyama barreeffamaan isinirraa argachuun isaa *dirqama*. Haa ta'u malee haalonni eeyyamni keessan itti hin barbaachisne muraasni jiru. Waa'ee yeroo dhaabbanni barnootaa galmee qaama biraaf qooduu eeyyema keessan isa *hin* barbaachisne caalaatti beekuuf qajeelfama waliigalaa FERPA maatii jedhu Weebii Mummee Barnootaa U.S www.ed.gov. irraa ilaalaa.

# Waldhabdee Furuu

## Adeemsa Waldhabdee Furuu

Waa'ee barnoota mucaa keessan miidhama qaamaa qabuu yoo yaaddoftan, tarkaanfiin jalqabaa dhaabbata barnootaa keessanii wajjin hojjechuu dha. Eegaluuf, barsiisaa mucaa keessanii yookaan qindeessaa barnoota addaa quunnamaa. Nama sanatti waan yaaddan itti himaa. Yoo dhaabbata barnootichaa wajjin waa'ee yaaddoo keessanii waligaluu dadhabdan, rakkoo kana furuuf karaan isin ittiin wajjin hojjechuu dandeessan nii jiraata.

Adeemsi kunneen maqaa idilee dhaabbanni barnootaa keessan ittiin waamu qabaachuu danda'u, qajeelfamni kun maqaan kun maal jechuu akka ta'ee fi mana barumsaa wajjin ta'uun mucaa keessan akka itti gargaaruu dandeessan akka hubattan isin gargaara. Kutaan itti aanu adeemsa yookaan mala ittiin dhaabbata barnootaa keessanii wajjin hojjechuuf fayyadamuu dandeessan ibsa.

### GAMAAGGAMA BULCHIINSAA

Barnoota mucaa keessanii miidhama qaamaa qabu ilaalchisee murtii dhaabbata barnootaa keessanii irratti yoo waliif hin galle ta'e, komii keessan gara bulchiinsa dhaabbatichaatti dhiyeessuu dandeessu. Sana booda, to'ataan (yookaan muudamaan) dhaabbata barnootaa keessanii gamaaggama bulchiinsaa geggeessa. Gamaaggamni kun dhaddacha bulchiinsaa of keessatti haammachuu danda'a.

Gamaaggamnii fi dhaddachi bulchiinsaa yoo geggeeffame, bakka fi yeroo hirmaattota hundumaaf mijatutti ta'uu qaba. Isinis, dhaabbanni barnootichaas gamaaggamaa fi dhaddacha bulchiinsaa irratti akka hirmaataniif namoota biroo affeeruu dandeessu. Fakkeenyaaf: miseensa maatii yookaan hiriyyaa, nama waa'ee barnoota addaa sirriitti beeku yookaan abukaatoo affeeruu dandeessu. Mucaan keessan sagantaa boordii qaama miidhamtootaa naannootiin geggeeffamutti yookaan dhaabbata barnootaa mootummaatti barata yoo ta'e, dhaabbanni barnootichaa boordiicha yookaan bulchiinsa gamaaggamaan mariisisuu qaba.

Yeroo haalichi ilaalamutti, dhamaatiin hundumtuu wal dhabdee waa'ee barnoota mucaa keessanii furuuf taasifamuu qaba To'ataan (yookaan muudamaan) gama lamaan wal dhabdichaa dhaggeeffatee murtoo kenna. Yommuu murtoorra ga'amu, to'ataan murtii dabarfame barreeffamaan isin beeksisuu qaba. Kunis guyyoota 20'n yaaddoo keessan dhaabbata barnootichaatti beeksistan gidduutti tauu qaba.

### ADEEMSA DABALATAA YAALUU DANDEESSAN

Adeemsa kana hundumaa erga xumurtanii booda dhaabbata barnootichaa wajjin akkataa itti rakkoo kana furtan irratti yoo waliif galuu dadhabdan, adeemsi biroon isin yaaluu dandeessan nii jiraatu. Mala waldhabdee furuu kan birootti osoo hin ce'iin dura gamaaggama bulchiinsaa gaafachuun yoo isin irraa hin eegamu ta'e iyyuu, yoo gaafattan gorfama. Filannoowwan dabalataa rakkoo jiru ittiin furtan ni jiraatu. Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce) dhimma kana keesa seenuun yaaddoo keessan furuuf mala dabalataa akka argattaniif gaafachuu irratti isin gargaara. Qaamonni armaan gadii isin gargaaruu danda'u:

- Garee Deeggarsaa Isteetii Naannoo Keessanii (Naannoo #____) (Bilbila#_____________) irratti. Gorsaan warraa fi maatii Garee Deeggaraa Isteetii keessa jiru isin duukaa hojjeta.
- Gorsaa warraa naannoo keessanii, yoo dhaabbanni barnootaa keessan qabaateef
  - Gorsaan warraa, maatii daa'ima qaama miidhamaaa fi dhaabbata barnootaaf odeeffannoo fi gargaarsa kenna. Gorsaan warraa hojjetaa dhaabbata barnootaati, akkasumas ofii isaa warra daa'ima miidhama qaamaa qabuuti.
  - Odeeffanoo dabalataaf,_________________________________________ quunnamaa.
- Gamtaa Barnootaa Daa'imman Qaama Miidhamoo Ohio (Ohio Coalition for the Education of Children with Disabilities(OCECD)



Department of Education & Workforce

- OCECD'n dhaabbata bu'aaf hin hundoofne ta'ee maatiiwwan daa'ima, ijoollee reefuu dhalattu, ijoollee fi dargaggeessa/dargaggeettii qaama miidhamaa qaban Ohio keessatti argamanii fi barsiisota akkasumas dhaabbata isaaniif deeggarsa taasisan tajaajilu dha. Sagantaan OCECD maatiiwwan haala barnootaa mucaa isaanii irratti odeffannoo akka qabaatanii fi sirriitti mucaa isaanii bakka bu'uu akka danda'an gargaara.

Odeeffannoo dabalataaf OCECD'n (740) 382-5452 irratti quunnamaa yookaan Weebii OCECD www.ocecd.org ilaalaa.

# Iyyata Yeroodhaan Furuu

Mufannaa yeroodhaan furuu jechuun garaagarummaa dhaabbata barnootaa fi isin gidduu jiru haala idilee hin taanee fi keessumattuu filannoo adeemsa waldhabdee furuu hojii irra oolchuu osoo hin eegaliin furuuf yaaluu jechuu dha. Waajjira Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce) irraa namni tokko gaaffii fi yaaddoo isin waa'ee barnoota mucaa keessan irratti qabdan irratti hojjechuuf isin gargaara.

Mummeen Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (The Ohio Department of Education and Workforce), adeemsa idilee kan akka mufannaa barreeffamaan dhiyeessuu fi adeemsa dhaddachaa gaafachuu keessaniin dura iyyata yeroodhaan furuu isin jajjabeessa. Waajjira Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children)  Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio ( Ohio Department of Education and Workforce) irraa gaaffii fi yaaddoo isin waa'ee barnoota mucaa keessan irratti qabdan irratti hojjechuuf akka isin gargaaruuf nama tokko quunnamuu dandeessu. Waa'ee iyyata yeroodhaan furuu nama tokkotti dubbachuuf, maaloo Mummicha quunnamaa:

- Bilbilaan:  (614) 466-2650, yookaan toora bilbilaa bilisaa (877) 644-6338
- Iimeelii:  exceptionalchildren@education.ohio.gov

# Haala Mijeessuu

Yoo waa'ee barnoota addaaf ilaalamuu mucaa keessanii fi Sagantaa Barnootaa Dhuunfaa (Individualized Education Program (IEP))  mucaa keessanii irratti yaaddoo qabaattan, filannoon Haala mijeessuu jedhu isiniif gaarii ta'uu danda'a.

Haala mijeessuu jechuun yommuu isin Haala Mijeessaa, walga'ii ilaalamuu mucaa keessanii yookaan garee IEP (isinis miseensa garee kanaati) irratti argamuu danda'u mummichi akka isiniif qopheessu gaafattani dha. Dhaabbanni barnootichaas nama haala mijeessu walga'ii ilaalamuu mucaa keessanii irratti argamu akka qopheessuuf mummicha gaafachuu danda'a. Isinii fi dhaabbanni barnootaa namni haala mijeessu walgahicha irratti akka argamu waliigalu qabdu.

## KAAYYOO HAALA MIJEESSUU

Haala mijeessummaan walgahii garee kan akka walgahii garee sagantaa barnoota dhuunfaa (Individualized Education Program (IEP)), walgahii karoora qorannoo ykn walgahii garee qorannoo keessatti raawwatama. Haala Mijeessaan walaba kan ta'e, qaama sadaffaa miseensa garee kamiyyuu kan hin taane, gareewwan sanaafis murtoo kan hin kennine dha. Jiraachuun Haala Mijeessaa gareen bu'a qabeessa akka ta'uu fi xiyyeeffannoo barataa irratti akka qabaatu gargaara. Haala mijeessitoonni, giddu-seentota ogummaa qaban, kanneen adeemsa barnoota addaa irratti Waajjira Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children)tiin leenji'anii dha.

Haala Mijeessuu yeroo kamittuu gafachuu nii dandeessu. Erga gaafattanii booda, isinis dhaabbanni barnootaa keessanis irratti hirmaachuuf waliigaluu qabdu Lamaan keessan yoo waliigaltan, Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) nama isiniif ramada. Haala Mijeessuuf baasii isin yookaan dhaabbanni barnootichaa baasu hin jiru.


Ohio Department of Education & Workforce

**HAALA MIJEESSAAN:**



- Qaama sadaffaa walabaa ta'ee tura ( gara eenyuyyuu hin goru, akkasumas isiniifis ta'e dhaabbata barnotichaaf hin hojjetu)
- *Jiddu-seenaa* ogummaadhaan leenji'e dha ( Nama waldhabdee furuutti gahumsa qabu dha)
- Waa'ee seera barnoota addaa fi ulaagaalee isaa irratti nama leenji'ee fi beekumsa isaa qabu
- Qaama garee IEP yookaan Ilaalamuu mucaa keessanii kan hin taane
- Murti hin kennu, garuu gareen sun furmaata akka argatuuf qajeelcha
- Isiniif dhaabbata barnootaa gidduutti haasaa eegalsiisuuf gargaara
- Haasichi akka itti fufuu fi namni hundumtuu adeemsichaaf kabaja akka qabaatu gargaara.
- Garichi mucaa keessanii fi waanta mucaa keessaniif barbaachisu irratti akka xiyyeeffatu godha

**QABXIILEE IJOO WAA'EE HAALA MIJEESSUU YAADATAMUU QABAN:**

- Haala Mijeessuun fedhii dhaan.
  - Dhaabbanni barnootaa fi isin lamaanuu qaama adeemsichaa ta'uuf waliigaluu qabdu. Dhaabbanni barnootaa fi isin Haala mijeessaan walgahii irratti akka argamu waliigaltaniittu jechuun, waanta dhaabbanni barnootaa walgahii irratti jedhu yookaan walgahicha irratti waanta jedhametti waliigaltaniittu jechuu miti Warri yeroo hundumaa yaada mataa isaanii qabachuu nii danda'u
- Waliigalteen walgahii haala mijeessummaa irratti raawwatu qaama lamaan walitti kan hidhu dha. Kana jechuun dhaabbanni barnotaa fi isin lachuu waliigaltee lamaan keesaniin murtaa'e hordofuu qabdu
  - Sanadni isinii fi dhaabbanni barnootaa waa'ee ilaalamuu mucaa keessanii yookaan IEP irratti mallatteessitan, sanada isaan IEP yookaan walgahii garee ilaalamuu irratti mallatteessan kan biroo kamillee waliin fudhatamummaa walqixa kan qabu dha.

Waa'ee Haala mijeessuu irratti odeeffannoo dabalataaf, Weebii Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohioo (Ohio Department of Education and Workforce) [education.ohio.gov](education.ohio.gov) irratti ***facilitation.*** jechuun barbaadaa.

**Haala Mijeessuuf Gaafachuuf**

Qindeessaa barnoota addaa dhabbata barnootaa keessanii quunnamuun distiriiktichi adeemsa kan irratti hirmaachuuf eyyemamaa ta'uusaa ilaalaa __________ ____________. Erga qaamni lamaanuu Haala Mijeessuu keessatti hirmaachuuf waliigalanii booda, maaloo Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti (Department of Education and Workforce’s Office)n Waajjira

Ijoollee addaa quunamaa:

- Bilbilaan: (877) 644-6338
- Iimeeliin: OECMediationFacilitation@education.ohio.gov



Department of Education & Workforce

# Jiddu-seentummaa



Jiddu-seentummaan yommuu isinii fi dhaabbanni barnootichaa qaamni ogummaa qabu sadaffaa walgahicha irratti argamuun waa'e barnoota mucaa keessan miidhamaa qaamaa qabuu yookaan miidhama qaamaa qaba jedhamee *shakkamu* irratti waliigaltee irra gahuuf isin gargaaru dha. Qaamni sadaffaa, akkasumas Jiddu-seenaa kan jedhamuun beekamu, gara kamittuu kan hin gorree fi waarraaf yookaan dhaabbata barnootaaf kan hojjetu miti. Barnoota addaa mucaa keessanii ilaalchisee waldhabdeen yeroo jiraatu kamittuu Jiddu-seentummaan isiniif dhaabbata barnootaaf filannoo isa tokko dha.

## JIDDU-SEENTUMMAAN BILISA KAN T'EE FI YEROO KAMITTUU GAAFACHUUN KAN DANDA'AMU DHA.

Jiddu-seentummaa yeroo kamittuu gaafachuun nii danda'ama. Erga Jiddu-seentummaan gaafatamee booda, isinii fi dhaabbanni barnootaa adeemsicha irratti hirmaachuuf waliigaluu qabdu. Lamaan keessan irratti hirmaachuuf yoo waliigaltan, Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) Jiddu-seenaa isiniif ramada. Jiddu-seenaan haala barnoota addaa mucaa keessanii ilaalchisee rakkoo jiru akkamitti akka furtan isinitti himu hin danda'u. Bakkasaa, Jiddu-seenaan qaamni lachuu yaaddoo mucaa keessan ilaalchisee qabdan irratti mari'achuun furmaata akka fiddan isin gargaara.

Iyyata idilee yookaan adeemsa dhaddachaaf iyyachuuf yoo murteessitan(Fuula 17-28 ilaalaa), Muummeen Barnootaa fi Humna Hojii Ohio ( Ohio Department of Education and Workforce) jiddu-seentummaa akka tarkaanfii jalqabaatti fayyadamuuf ilaalcha keessa akka galchitan isin gaafata. Jiddu-seentummaaf baasii isin yookaan dhaabbanni barnootaa baastan hin iraatu.

**Gaafadhaa Jiddu-seentummaa**

Isiniif Distriiktii mana barumsaa, jiddu-seenaaf Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce) yeroo kamittuu gaafachuu dandeessu. Iyyata yoo galchitan yookaan adeemsa dhaddachaaf gaafattan, mummichi akka tarkaanfii jalqabaatti Jiddu-seentummaa isiniif dhiyeessa. Isiniif distiriiktichi lamaan keessanuu jiddu-seenaa fayyadamuu irratti waliigaluu qabdu.

**Jiddu-seenaa fudhadhaa akkasumas walgahiif beellamaa**

Jiddu-seenaan qaama sadaffaa walaba ta'e dha. Jiddu-seenaan walgahii hamma danda'ametti ariifachiisee beellama. Jiddu-seenaaf mummichatu kaffala.

**Walgahii Jiddu-seentummaa**

Isinii fi Distriiktii mana barumsaa yaada keessan ibsitu jiddu-seenaan waldhabdee hiikuun waliigaltee barreeffamaa isa dhumaarra akka geessan isin gargaaruuf yaala. Walumaagalatti, wanti jiddu-seentummaati haasa'amee kamiyyuu walgahiin alatti odeeffamuu yookaan yoo haalli addaa jiraateen alatti adeemsa seeraa gara fuuladuraa keessatti fayyadamuun .hin danda'amu.

**Waliigalteerra gahameera**

Waliigalteen barreeffamaa raawwatamaa dha, Isinii fi Distriiktii mana barumsaa nii mallatteessitu. Raawwatamaa dha jechuuun lacchan keessan waliigaltee sana hordofuu qabdu, manni murtiis dirqisuu dandaá.

**Waliigalteerra Hin gahamne**

Jiddu-seentummaadhaan waliigaltee irra gahuun yoo dadhabamee fi iyyata keessan isteetiitti yoo galchitan, Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) dhimma kana nii fura. Jiddu-seentummaadhaan waliigaltee irra gahuun yoo dadhabamee fi dhaddachaaf yoo iyyattan, adeemsi seeraa itti aansuun dhufa.



Ohio Department of Education & Workforce

## JIDDU-SEENAAN

- Qaama sadaffaa walabaa ta'ee tura ( gara eenyuyyuu hin goru, akkasumas isiniifis ta'e dhaabbata barnotichaaf hin hojjetu)
- Murtii kennuuf eyyema hin qabu. Bakkasaa, isinii fi dhaabbanni barnootaa waa'ee barnoota mucaa keessani ilaalchisee rakkoo jiruuf furmaata akka fiddan isin gargaara.
- Waliigaltee barreeffamaa irra akka geessaniif isiniif dhaabbata barnootichaa wajjin hojjeta
- Haasichi akka itti fufuu fi namni hundumtuu adeemsichaaf kabaja akka qabaatu gargaara.
- Namni hundumtuu mucaa keessanii fi waanta mucaa keessaniif barbaachisu irratti akka xiyyeeffatu godha
- Isiniif dhaabbata barnootaa gidduutti haasaa eegalsiisuuf gargaara

**QABXIILEE IJOO WAA'EE JIDDU-SEENTUMMAA YAADATAMUU QABAN**

- Jiddu-seentummaan fedhii dhaan.
    - Dhaabbanni barnootaa fi isin lamaanuu qaama adeemsichaa ta'uuf waliigaluu qabdu. Isinii fi dhaabbanni barnootichaa jiddu-seentummaa irratti hirmaachuuf waliigaltan jechuun,walgahicha irratti dhaabata barnootichaa wajjin yookaan waanta walgahicha irratti jedhame wajjin waliigaluu qabdu jechuu miti.
- Jiddu-seentummaan iccitii ta'uu qaba.
    - Wanti walgahicha irratti dubbatame hundumtuu iccitiidhaan eegamuu qaba akkasumas, yoo haalli addaa jiraateen alatti, boodaafis fayyadamuun hin danda'amu.
- Waliigalteen barreeffamaa walgahicha irratti taasifamu kamuu qaama lamaan kan raawwatamaa dha. Kana jechuun dhaabbanni barnotaa fi isin lachuu waliigaltee lamaan keesaniin murtaa'e hordofuu qabdu
    - Sanadni isinii fi dhaabbanni barnootaa waa'ee ilaalamuu mucaa keessanii yookaan IEP irratti mallatteessitan, sanada isaan IEP yookaan walgahii garee ilaalamuu irratti mallatteessan kan biroo kamillee waliin fudhatamummaa walqixa kan qabu dha.

**Jiddu-seentummaaf gaafachuuf**

Qindeessaa barnoota addaa Distriiktii Mana barumsaa keessanii quunnamuun Distriiktiichi adeemsa ___________kana irratti _________tti hirmaachuuf eyyemamaa ta'uusaa ilaalaa. Erga qaamni lamaanuu jiddu-seentummaa keessatti hirmaachuuf waliigalanii booda, maaloo Waajjira Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce) quunnamaa:

- Bilbilaan: (877) 644-6338
- Iimeeliin: OECMediationFacilitation@education.ohio.gov

# Iyyata Mootummaa galchuu

Waa'ee barnoota addaa mucaa keessanii irratti yaaddoo yoo qabaattan filannoon biroo isin qabdan, komii sirnaa isteetii barreeffamaan dhaabbata barnootaa irratti dhiyeessuun komii kana gara Waajjira Ijoollee addaa (Office for Exceptional Children) Mummee Barnootaa Fi Humna Hojii Ohiotti ( Ohio Department of Education and Workforce) galchaa.

## IYYATA/KOMII ISTEETIITTI GALCHUUF BAASIIN KAFFALAMU HIN JIRU

Iyyata/komii Isteetiitti galchuuf baasiin kaffalamu hin jiru Adeemsi iyyata isteetiitti galchuu rakkinicha bifa adeemsa dhaddachaan furuu caalaa ariifataa kan ta'ee fii mormii (wal-dhabdee) gadaanaa kan qabu dha. Iyyata isteetiitti galchuuf, iyyata barreeffamaa keessan kan mallattaa'e (orijinaala isaa) Waajjira Ijoollee Addaatti (Office for Exceptional Children) akkasumas immoo *koppii isaa* gara dhaabbata barnootichaatti galchuu qabdu.

Iyyatni keessan ulaagaa seera barnoota addaa federaalaa yoookaan isteetii cabeera jettanii himattan of keessatti qabachuu qaba ( himannaa cabuu dambii Individuals with Disabilities Education Act or the Ohio Operating Standards for the Education of Children with Disabilities). Iyyatichi maqaa yookaan caqasa seeraa of keessatti qabaachuun irraa hin eegamu, garuu gochaa dhaabbanni barnootichaa hojjete yookaan hojjechuu dhiisee ulaagaa barnoota addaa cabseera jettanii amantan eeruu qaba. Akkasumas iyyaticha keessatti dhaabbanni barnootichaa ulaagaa barnoota addaa cabseera jettanni akka yaaddanniif ragaalee isin gargaaran itti dabaluu qabdu.

## GAMAAGGAMA IYYATA/KOMII ISTEETI

Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children), iyyata sirnaan galchame nii gamaaggama akkasumas yoo barbaachisaa ta'ee argame dhaabbanni barnootichaa barnoota mucaa keessanii ilaalachise ulaagaa barnoota addaa cabsuu isaa adda baasuuf nii qorata. Akkasumas qaamni sadaffaan- namni isin ykn dhaabbata barnootichaan ala ta'e ykn Dhaabbatni dhaabbata barnootichaan ala ta'e, barataa tokko ilaalchisee dhaabbanni barnootichaa ulaagaa barnoota addaa cabseera jedhee yoo amane komii gara mummichaatti dhiheessuu danda'a.

Iyyata isteetii gara mummichaatti erga ulaagaan barnoota addaa cabeera jedhamee dubbatamee *waggaa tokko* keessaati yeroo kamittuu galchuun nii danda'ama. Iyyatni kamuu cabuun ulagaaa erga raawwatee waggaa tokko booda yoo galchame hin qoratamu/hin furamu.

## IYYATNI SIRNAA ISTEETII AKKAMITTI GALCHAMA

Barnoota addaa ilaalchisuun iyyata/komii sirnaa isteetii yoo galchuu barbaaddan, dirqama:

- Unka iyyata isteetii weebii DEW Dispute Resolution); irratti guutuu qabdu yookaan
- Xalayaa iyyataa barreessuun gara mummichaatti poostaadhaan yookaan Iimeeliidhaan ergaa;
- Yookaan hojjetaa Waajjira Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) mummichaatti 1-877-644-6338 irratti bilbiluun unkicha gaafadhaa. Sana booda unkicha guutuun gara mummichaatti deebistu.

**Iyyata Isteetii keessatti tuqaalee itti dabaluu qabdan**

- Hima akka dhaabbanni barnootichaa ulaagaa barnoota addaa federaalaa fi isteetii cabse ibsu
- Ibsa rakkinichaa, akkasumas ragaalee iyyatni/komiin keessan irratti hundaa'e
- Odeeffannoo quunnamtii keessanii fi mallattoo orijinaala
- Yoo cabuu ulaagaa barnoota addaa barataa tokkoof himattu ta'e
- Maqaa fi teessoo jireenyaa baratichaa
- Maqaa mana barumsaa baratichaa
- Yoo daa'ima yookaan dargaggeessa mana hin qabne ta'e( akka ibsa McKinney-Vento Homeless Assistance Act irraatti), odeeffannoo quunnamtii baratichaa argamuu danda'u fi maqaa mana barumsaa isaa/ishee.
- Ibsa haala rakkinichaa fi ragaalee rakkinichaa wajjin walqabatan
- Yaada rakkinichaaf furmaata ta'e jedhamee qaama sanaan yaadamuu fi argamuu danda'u
- yeroo iyyatichi galchametti
- Iyatichi mallattoo qabaachuu qaba.

*Iyyatni abbaan isaa hin beekamne fudhatama akka hin qabne hubadhaa.*

## IYYATA/KOMII KEESSAN EESSATTI ERGITU

Iyyanni keessan gara Waajjira Daa'imman Ijoollee Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti (Ohio Department of Education and Workforce) fi Bakka Bu'aa Dhaabbata barnootichaa *Lamaanitti* al tokkoon ergamuu qaba.

Iyyata orijinaala isaa gara:



Department of Education & Workforce

Waajjira Ijoollee Addaa Mummee Barnootaa Fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce Office for Exceptional Children)
Gargaaraa Bulchaa Kutaa Waldhabdee Furuu
25 South Front Street Mail Stop 409
Columbus, Ohio 43215-4183
Iimeelii: @education.ohio.gov

**TURSUU (ABEYANCE)**

Tursuu jechuun dhimma iyyata isteeetii gidduutti dhaabuu jechuu dha. Yoo isini fi dhaabbanni barnootichaa adeemsa dhaddachaa keessatti hirmaattan akkasumas isinii fi dhaabbata barnootichaa keessaa tokkoon keessan iyata isteetiitti yoo galchitan, Mummeen Barnootaa fi humna Hojii Ohio dhimma iyyata isteetii keessatti kaa'amee gidduutti dhaaba. Jecha biroodhaan, Mummichi dhimma iyyata isteetii furuudhaaf hamma adeemsi dhaddachaa xumuramutti eega. Yoo gaaffii adeemsa dhaddachaa keessan dhiistan, Mummichi iyyata isteetiii keessan tursiisa (Abeyance) jalaa baasee iyyata keessan furuutti ce'a.

Yoo adeemsi dhaddachaa raawwatee fi Ogeessa Dhaddachaa bilisaan (Impartial Hearing Officer(IHO)) murtiin kenname, Mummichi iyyata isteetii tursiisa jalaa kan baasu dhimma ogeessa dhadhachaatiin osoo hin murtaa'in iyyata keessan keessaa hafe furuuf qofaa dha.

## ADEEMSA IYYATA/KOMII ISTEETII

Mummichi yeroo iyyata keessan fudhatutti, hamma iyyatichi sirnaan guutametti, iyyaticha nii gamaaggama akkasumas barbaachisaa ta'ee argamnaan cabuu ulaagaa barnoota addaa isa jedhame irratti qorannoo nii geggeessa. Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) guyyaa komii keessan galchitan irraa kaasee guyyaa 60 keessatti iyyata keessan furuu qaba.

Akka qaama adeemsa iyyannaatti, Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children):

- Iyyata keessan gamaggamuun himata iyyata keessan keessatti dubbatame furuuf aangoo qabaachuu isaa nii murteessa
- Isinii fi dhaabbata barnootichaatiin himata sana akka furuu, barbaachisaa taanaan akka qorannoo geggeessu barreeffamaan isin beeksisa.
- Haala mijeessuu fi Jiddu-seentummaa akka filannoo waldhabdee sana hiikuutti isiniif dhiyeessa.
- Himata iyyata keessan keessa jiru irratti isinii fi dhaabbata barnootichaa odeeffannoo dabalataaf nii gaafata.
- Sanadawwanii fi odeeffannoo dabalataa isinii fi dhaabbata barnootaan dhiyaatan nii gamaaggama, gaaffii bilbilaan nii taasisa, barbaachisaa ta'ee yoo argames dhaabbata barnootaa mucaa keessanii nii daawwata
- Dhaabbanni barnootaa keessan iyyata keessaniif deebii akka kennuuf akkasumas furmaata kennuuf carraa nii kennaaf.
- Xalayaa barreeffamaa cabuun ulaagaa barnoota addaa jiraachuu yookaan jiraachuu dhiisuu ibsu isinii fi dhaabbata barnootichaaf nii barreessa (erga gamaaggamaa fi qorannoo taasisee booda, yoo danda'ameef guyyaa iyyatni sun galchame irraa kaasee guyyoota 60 keessatti)

**BEELLAMAA DHEERESSUU**

Mummichi iyyata sana furuuf guyyoota 60 ol fudhachuu danda'a; akkasumas dheereffamuun yeroo raawwii yoo jiraate xalayicha irraati murtichaa wajjin nii ibsa. Dheereffamuun yeroo raawwii guyyoota-60 iyyata isteetii kan godhamuu danda'u yoo:

- Yommuu isinii fi dhaabbanni barnootaa keessan rakkinicha furuuf haala mijeessuu, jiddu-seentummaa fi mala waldhabdee furuu kan biroo fayyadamuuf waliigaltan yookaan yommuu
- Haalotni addaa jiraatan (Waajjira Ijoollee Addaatiin (Office for Exceptional Children) dhimmicha irratti hundaa'uun kan murtaa'u)

**IYYATA SIRNAAN HIN GALCHAMNE**

Yoo Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) sababa isin odeeffannoo barbaachisoo waa'ee rakkina akka furamuu barbaaddanii irratti hin daballeef iyyatni keessan sirnaan hin galchamne jedhe yookaan Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) iyyata sana furuuf aangoo hin qabaanne, Waajjirri Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) xalayaa maaliif iyyata sana akka hin furre, sababa murtoo sana kenneef, akkasumas yoo danda'ameef iyyata sirnaan galchame qabaachuuf odeeffannoo itti dabaluu qabdan ibsu isiniif barreessa.

**IYYATA IRRA DEEBIIN GALCHUU**

Iyyaticha odeeffannoo dabalataa wajjin irra deebiin yoo galchitan, iyyaticha gara Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio fi mana barnootichaatti sarbamni barnoota addaa raawwatee waggaa tokko gidduutti galchuu keessan mirkaneessaa. Iyyata keessan keessatti dhimma mummichi furuuf aangoo itti hin qabne yoo jiraate, akka barbaachisaa ta'ee argametti gara qaama dhimma kana furuu danda'uutti isin erga.

**Iyyata/komii Galchuu**

- Himannaan sarbamiinsa seeraa raawwatame jedhamee waggaa tokko keessatti dhiyaate.
- Warri orijinaala isaa gara Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti akkasumas koppii isaa gara dhaabbata barnootichaatti galchu.
- Iyyatni cabuu ulaagaa barnoota addaa ragaa wajjin dhiyeessa

**Mummeen Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce) komii ni qamaaggama**

Mummichi xalayaa beekamtii gara nama iyyata galchee fi dhaabbata barnootichaatti erga.

Mummichi iyyatni sirnaan hin galchamne yoo ta'e yookaan furmaata kennuuf aangoo yoo hin qabaanne, xalayaa gahaa ta'uu dhabuu agarsiisu erga;

**Gamaaggama**

Mummichi sanadawwan hundumaa gamaaggamuun akka barbaachisummaan isaa argametti sanada yookaan odeeffannoo dabalataaf nii gaafata.

Mummichi akka barbaachisummaa isaatti namoota sirrii irraa yaada ni gaafata.

**Mummichi xalayaa argannoo isaa nii erga**

Mummichi himannaa hundumaa irratti ibsa nii kenna; akkasumas cabuun ulaagaa barnoota addaa yoo jiraate adda nii baasa.

Dhaabbanni barnootichaa yoo ulaagaa cabseera ta'e tarkaanfii sirreeffamaa nii fudhata.



Department of Education & Workforce

## Iyyata Adeemsa Seeraa Galchuu



Karaan tokko yaaddoo waa'ee barnoota addaa mucaa keessanii itti furuu dandeessan, adeemsa dhaddachaaf dhaabbata barnootichaa gaafachuudhaani; akkasumas koppii isaa gara Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti (Ohio Department of Education and Workforce) galchuudhaani. Yeroo kana gootan, iyyata dhaddachaa galchitaniittu jechuu dha (akkasumas Gaaffii Dhaddachaa jedhamee waamama).

Warreen kaan Iyyata dhaddachaa galchuu danda'anis jiru:

- Barataa, Yoo xiqqaate umurii 18 yoo ta'e
- Dhaabbata Barnootaa

### SABABOOTA ITTIIN GALCHAMAN

Iyyatni dhaddachaa barnoota addaa daa'ima keessanii ilaalchisee sababoota kanaaf galchamuu danda'a:

- Eenyummaa daa'ima qaama miidhamaa
- Qorannoo daa'ima qaama miidhamaaa
- Ramaddii bakka  barnootaa daa'ima qaama miidhamaa
- Kenniinsa Barnoota Mootummaa Bilisaa fii Sirrii ta'e (Free appropriate public education (FAPE))

Komiin adeemsa sirrii ta'e ulaagaaleen barnoota addaa federaalaa ykn isteetii cabsuu isaanii himachuu kan qabu yoo ta'u, guyyaa warri (ykn ejensiin barnoota mootummaa himannaa dhiheesse) waa'ee sarbama barnoota addaa himatame kana beekan ykn beekuu qabu irraa eegalee *waggaa lama* keessatti dhiyaachuu qaba. Yeroo Mummeen Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce) iyyata dhaddachaa fudhatutti, Warrii fi dhaabbanni barnootichaa carraa adeemsa dhaddachaa irratti hirmaachuu argachuu qabu. Dhaddachi adeemsa sirrii adeemsa sirnaa kan itti gaafatamaan dhaddacha loogii hin qabne komii adeemsa sirrii furuuf dhaddacha akka gaggeessuuf Biirichaan ramadamudha.

### ODEEFFANNOO KEESSATTI HAAMMATAMUU QABAN

Mummichi adeemsa dhaddachaaf gaafachuuf unka gargaaru nii dhiheessa Namni yookaan dhaabbanni barnootaa mootummaa gaaffii kana gaafatu unka Mummichaa , guutuun irraa hin eegamu, garuu Namni sun yookaan dhaabbanni sun yeroo iyyata dhaddachaa galchanitti odeeffannoo barbaachisan kana itti dabaluu qabu:

1. Maqaa Barataa/barattuu
2. Odeeffannoo Qunnamtii ykn Teessoo Barataa/Barattuu
3. Maqaa ejensii barnootichaa
4. Mucaan keessan mana kan hin qabne yoo ta'e, odeeffannoo Qunnamtii mucaa keessanii argamuu danda'uu fi maqaa mana barumsaa mucaan keessan baratuu
5. Ibsa fii ragaa waa'ee rakkina mucaa keessanii ilaalchisee
6. Yaadaa yookaan gorsa rakkinicha furuuf

Iyyatni dhaddachaa akkuma iyyata isteetii odeeffannoo gahaa qabaachuu qaba (fuula 16 ilaalaa); garuu mallattoon orijinaalaa dirqama miti Gara dhaabbata barnootichaa fi Mummichaatti qaamaan, poostaadhaa, yookaan iimeeliidhaan erguun nii danda'ama. Yeroo dhaddachaatti, dhimmi iyyata dhaddachaa orijinaalaa keessatti hin eeramne ogeessa dhaddachaan hin ilaalamu.

#### KOMII DHADDACHAA FOOYYESSUU

Komii Dhaddachaa fooyyessuun, erga komiin gara Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti seenee booda haaromsuu jechuu dha. Komii dhaddachaa haaromsuu kan dandeessan yoo:



Department of Education & Workforce

- Qaamni biraan barreeffamaan akka iyyatni daddachaa fooyya'u irratti waliigalee fi iyyaticha karaa marii furmaataa furuuf carraa kenne ( Mariin Furmaataa fuula 23 irratti ibsameera), yookaan
- Ogeessi dhaddacha bilisaa hayyama kenne. Ogeessi dhaddachaa osoo dhaddachi hin jalqabiin hanga guyyaa shaniitti eeyyama kennuu danda'a, garuu sana booda miti.

# Adeemsaa fi Yeroo/sagantaa Adeemsa Dhaddachaa

Yoo Ejensii barnootaa mucaa keessanii irratti komii dhaddachaa galchitan, guyyaa 10 komichi isa qaqqabe keessatti dhaabbanni barnootichaa hubachiisa barreeffamaa dursaan kennamu yookaan himata sarbama barnoota addaa ilaalchisee deebii nii kenna( kanaan dura hubachiisa akkasii kenneera yoo ta'een ala)

Hubachiisni barreeffamaa duraa dhaabbanni barnootichaa isiniif kennu of keessatti haammachuu kan qabu:

- Ibsa waa'ee gochaa isin gaafattanii yookaan iyyata daddachaa isin dhiyeessitanii. Kunis gocha dhaabbanni barnootichaa raawwate yookaan raawwachuu dide ta'uu danda'a. Akkasumas ejensiin barnootichaas manni barumsichaa gochaa sana maaliif akka raawwate yookaan raawwachuu dide deebii isaa keessatti ibsuu qaba.
- Ibsa mala ittiin mucaa keessan ilaale, waa'ee muca keessanii galmeessee fi gocha sana raawwachuuf yookaan raawwachuu dhiisuu murteessuuf gabaasa fayyadame hundumaa.
- Ibsa filannoowwan biroo garee IEPtiin ilaalcha keessa galchamanii turanii, akkasumas sababa filannoowwan sun hojiirra hin oolchamiin hafaniif
- Ibsa sababoota biroo dhaabbanni barnootichaa gocha sana raawwachuuf yookaan raawwachuu dhiisuu murteessuuf barbaachisoo turanii

Dhaabbanni barnootichaa waa'ee deeggarsa seeraa bilisaa yookaan gatii gadi bu'aa akkasumas tajaajila barbaachisoo kan biroo isin argachuu dandeessan irratti odeeffannoo isiniif kennuu qaba.

Komiin dhaddachaa akka warraatti isin irratti yoo dhihaate, iyyata sanaaf guyyoota 10 keessatti deebii kennuu qabdu. Deebiin keessan dhimmoota iyyata dhaddachichaa keessatti kaafamaniif xiyyeeffannoo kennuu qaba.

## Quubsaa Ta'uu

Qaamni biroon ogeessa dhaddachaa fi qaama iyyata galche sanaan akka iyyatichi ulaagaa hin guutne ( jechuun, quubsaa kan hin qabne) yoo hubachiiseen *alatti*, iyyatni dhaddachaa akka quubsaa ta'etti ilaalama (Kan sirnaan dhihaate). Qaamni biroon gahumsa komeen dhaddachichaa yeroo itti dhiyaate irraa eegalee guyyoota kaalaandarii 15 keessatti, barreeffamaan komiin dhaddachaa quubsaa ta'uu mormuu qaba.

Fakkeenyaaf, ejensii barnootaa keessanii irratti komii dhaddachaa yoo dhiheessitan (akkasumas koppii isaa immoo gara Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti ( Ohio Department of Education and Workforce) galchitan), hamma dhaabbanni barnootichaa iyyatni keessan sirnaan galchameera jedhee akka hin yaadne guyyoota 15 keessatti ogeessa dhaddachaa hin beeksifnetti, iyyatni keessan quubsaa dha jedhamee fudhatama. Sana booda, iyyatni dhaddachaa keessan gahaa ta'uusaa murteessuuf ogeessi dhaddachaa erga hubachiisa barreeffamaa dhaabbata barnootaa keessan irraa fudhatee guyyaa hojii shan qaba. ( ulaagaa  iyyata dhaddachaa fuula 22 iratti ibsame guutuu isaa) Akkasumas ogeessi dhaddachaa murtoo isaa guyyaa 15 keessatti barreeffamaan isinii fi dhaabbata Barnootaaf erguu qaba.

Ogeessi dhaddachaa iyyatni dhaddachaa keessan gahaa miti jedhee yoo murteesse, hamma dhaabbanni barnootichaa eyyemeettii fi rakkinicha karaa marii furmaataan hiikuuf carraa qabaatetti yookaan ogeessi

dhaddachaa hamma dhaddachi eegalutti eeyyama guyyaa shan hin caalle kennetti Filannoo Iyyata dhaddachaa haaraa galchuu yookaan iyyata dhaddachaa isa jalqabaa fooyyessuu nii qabaattu.

iyyata dhaddachaa keessan sirnaan yoo fooyyessitan, turtiin furmaataa guyyaa-30 yeroo isin iyyata fooyya'e galchitanitti nii eegala.

## Yeroo Furmaataa

Yeroon fumaataa, yeroo iyyatni dhaddachaa galfamee hamma dhaddachi jalqabuutti turtii jiru dha. Yeroon furmaataa, waldhabdee barnoota addaa hiikuuf gara adeemsa dhaddachaa idilee ta'eetti osoo hin deemiin, marii furmaataaf kan carraa kennu dha. Iyyata dhaddachaa galchitanii adeemsa furmaataa irratti hirmaachuu yoo dadhabdan, jalqabbii dhaddachaa isin jalaa tursa ( Asiin gaditti waa'een sagantaa yeroo caalaatti ibsameera).

Yeroon furmaataa guyyaa itti iyyatni dhaddachaa galchamee kaasee guyyaa 30 dha (yookan guyyaa iyyatichi sirnaan fooyyeffamee kaasee). Yoo dhaabbanni barnootichaa komii dhaddacha keessanii haala isin gammachiisuun guyyaa 30 keessatti hin furre, dhaddachi itti fufuu danda'a. Erga yeroon furmaataa guyyaan 30 dhumee, adeemsa dhaddachaa fi ogeessi dhaddachaa murtii kennuuf yeroo hojii guyyaa 45tu jira, ( Fuula 22 ilaali)Yoo isinii fi dhaabbanni barnootichaa jiddu-seentummaa guyyaa 30 darbuuf waliigaltaniin alatti. Akkasumas yeroon furmaataa guyyaan-30, yoo isiniifi dhaabbanni barnootichaa akka waliigaltee uumuun hin danda'amne guyyaa 30 sana keessatti ibsitan, gabaabbachuu akka danda'u hubadhaa.

**Adeemsi dhaddachaa ogeessa dhaddachaa bilisa ta'een geggeeffama.**

Yeroo iyyata dhaddachaa furuun dadhabamutti, gara dhaddacha idilee ogeessa dhaddachaa bilisa ta'een geggeeffamuutti ce'ama. Ogeessi dhaddachaa, abukaatoo dhaddacha geggeessuu irratti Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotiin leenji'e ta'uu qaba.

Baasii ogeessa dhaddachaa ejensii barnootichaatu kaffala; haa ta'u malee namni kun walaba kan ta'e, qaama sadaffaa carraa dhaan filame dha. Inni/Isheen dhimma barnootaa irratti dhaabbata barnootaan kan qacarame miti akkasumas qaama tokko caalaatti fayyaduuf fedha dhuunfaas ta'e hojii wajjin walqabate hin qabaatu/qabaattu.

Dabalataanis, Ogeessi dhaddachaa ulaagaa barnoota adda irratti, IDEA dabalatee, seeraa fi dambii federaalaa fi isteetii irratti akkasumas akkaataa manni murtii dhimma barnoota addaa itti hiiku irratti nama beekumsa gahaa qabu dha.

Dhaddacha booda, ogeessi dhaddachaa akkaataa shaakala seera waaltawaatti murtii nii barreessa.

Yeroo furmaataa guyyaa 30 keessattii fi guyyoota hojii jalqabaa 15 iyyata dhaddachaa isa qaqqabe keessatti, dhaabbanni barnootichaa marii furmaataaf saganteessuu qaba. Yoo dhaabanni barnootichaa marii furmaataa guyya 15 keessatti qabuu dide yookaan marii furmaataa irratti hirmaachuu dude, adeemsi dhaddachaa guyyaa 45 akka eegaluuf gaafachuu dandeessu. Yoo ejensii barnootichaatu komii dhaddachaa galche ta'e, marii furmaataaf sagantaa baasuun irraa hin eegamu.

### MARII FURMAATAA

Kaayyoon marii furmaataa rakkoo iyyata keessatti caqasame irratti mari'achuuf carraa isiniif kennuu fi dhaabbanni barnootichaa furmaataaf isini wajjin akka hojjetuuf carraa kennuu dha. Itti gaafatamummaan marii furmaataa qopheeessuu dhaabbata barnootaa irra jira; isin immoo irratti hirmaachuu qabdu. Yoo marii furmaataa irratti hin hirmaatiin haftanii fi dhaabbanni barnootichaa immoo hirmaachuu dhabee keessan galmeesse, iyyatni dhaddachaa keessan akka haqamuuf dhuma guyyaa 30 irratti dhaabbanni barnootaa keessan ogeessa daddachaa gaafachuu danda'a.

Isinii fi dhaabbanni barnootaa miseensota IEP keessaa eenyutu marii furmaataa irratti hirmaachuu akka qabu nii murteessitu. Mariin kun bakka bu'aa dhaabbata barnootaa kan isaan bakka bu'ee aangoo murtii kennuu qabu of keessatti qabachuu qaba.

Yoo isin abukaatoo keessan maricha irratti fiddan malee, Abukaatoon dhaabbata barnootaa marii kana irratti hin



Department of Education & Workforce

hirmaatu. Yoo isinii fi dhaabbanni barnootaa barreeffamaan marii furmaataa dhiisuuf waliigaltan yookaan bakkasaa jiddu-seentummaa irratti waliigaltan malee, Mariin kun adeemsa furmaataa keessatti dirqama dha. Isinii fi Ejensiin barnootaa yoo waliigaltan turtii yeroo furmaataa guyyaa 30 dabartanii jiddu-seentummaa ilaaluun ni hayyamama. Kunis yeroon hojii and murtii dhaddachaa guyyaa 45 akka hin eegallee godha.

Yoo isinii fi dhaabbanni barnootaa waldhabdee keessan marii furmaataa irratti hiiktan, waliigaltee hojiirra oolu mallatteessuu qabdu. kunis:

- Waanta itti aansuun raawwatu barreeffamaan kaa'uu qaba
- Isinii fi bakka bu'aa daabbata barnootaan mallatteeffamuu qaba.
- Manni murtii raawwachiisuu nii danda'a

Seeraan kan raawwatamu jechuun, yoo isin yookaan dhaabbanni barnootichaa waliigalticha eeguu dadhabdan, manni murtii isinii fi dhaabbanni barnootichaa akka eegdaniif isin gaafachuu danda'a.

Isinii fi dhaabbata barnootaa keessaa tokkoon keessan erga mallateessitanii boodaa yoo waliigaluu dhiisuuf murteessitan, waliigalticha guyyoota hojii sadii keessatti haquu dandeessu.

yoo isinii fi dhaabbanni barnootichaa wa'ee iyyata dhaddachaa xumuramuu guyyaa 30 yeroo furmaataan dura waliigaltee irra geesssan, iyyatichhi nii cufama, dhaddachi geggeeffamus hin jiraatu.

## Adeemsa Dhaddachaa

Adeemsi dhaddachaa bakkaa fi yeroo isiniif dhaabbata barnootichaaf mijatutti saganteeffamuu, akkasumas geggeeffamuu qaba. Ogeessi dhaddachaa bilisa ta'e adeemsicha irratti waliin dubbiin yommuu barbaachisutti isiniif dhaabbata barnootichaa yeroo tokkotti quunnama. Jecha biraatiin, quunnamtiin ogeessa dhaddachaa loogii hin qabnee, isiniif fi dhaabbata barnootichaa gidduutti taasifamu walfaana malee qofaa qofaatti miti.

Yeroon hojii guyyaa 45, adeemsa dhaddachaa fi yeroo ogeessi dhaddachaa bilisa ta'e murtii kennuuf fudhatu of keessatti haammata. Adeemsi dhaddachaa guyyaa-45 kan eegalu, erga yeroon furmaataa guyyaa-30 dhumee yookaan kanneen armaan gadii keessaa tokko yoo raawwate dha:

- Yoo Ati fi ejensiin barnootaa marii furmaataa dhiisuuf (akka hin qabaannee) barreeffamaan waliigaltan, ykn.
- Dhimmicha marii furmaataa yookaan walgahii Jiddu-seentummaa irratti mari'achuu erga eegaltanii, isinii fi dhaabbanni barnootichaa waliigalteerra gahamuun akka hin danda'amne yoo barreeffamaan waliigaltan, yookaan
- Isinii fi dhaabbanni barnootaa barreeffamaan turtii yeroo furmaataa guyyoota 30 irra darbaa Jiddu-seentummaan itti fufuuf waliigaltanii booda isin yookaan dhaabbanni barnootichaa keessaa tokkon keessan adeemsa jidu-seentummaa keessaa yoo of baase.

Qondaalli dhaddachaa bilisa ta'e yeroo dabalataa kennuudhaaf yoo walii gale malee (ykn jecha biraatiin, yeroo dheeressuu yoo kenne), gaaffii garee lamanii keessaa tokkoon yeroo dhaddacha guyyoota 45 keessatti, kanneen armaan gadii ni raawwatamu:

- Dhaddachi geggeeffamuu qaba.
- Murtiin dhaddachaa dabarfamuu qaba; akkasumas
- Koppiin murtii dabarfamee poostaa raggaasifameen gara keessanittii fi dhaabbata barnootichaatti akkasumas gara Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti ergamuu qaba.

Dhaddachi osoo hin eegaliin yoo xiqqaate guyyaa shan dura, isinii fi dhaabbanni barnootichaa walgahii ibsa kennuu irratti hirmaachuu qabdu. Kunis isiniif dhaabbanni barnootichaa waanta dhaddacha keessatti dhiyaatu irratti odeeffannoo qabaachuu keessan mirkaneessuuf waliin dubbii taasifamu dha.

**MIRGOOTA DHADDACHAA**
Adeemsa dhaddachaa keessatti, mirga isin qabdan:

- Mata duree dhaddachaa kan ta'e mucaa keessan fidachuu dandeessu
- Dhaddachichi uummataaf banaa akka ta'u gaafachuu dandeessu
- Abukaatoo yookaan namoota waa'ee daa'imman qaama miidhamoo irratti beekumsa addaa qaban fidachuu akkasumas akka isin gorsan gochuu nii dandeessu.
- Ragaa dhiyeessuu, Wabiiwwaniin falmuu fi gaaffii qaxxaamuraa isaan gaafachuu akkasumas akka isaan dhiyaatan gaafachuu (hamma dhaabbanni barnootaa dhimma haaraa akka kaastaniif isiniif eeyyamutti, dhaddachi dhimmoota komii keessan irratti kaafaman qofa ilaala)
- Dhaddacha dura yoo xiqqaate guyyaa shan dura ragaan isinitti hin beeksifamne akka hin dhiyaanne dhorkuu
- Baasii tokko malee, gabaasa dhaddachaa fi gabaasa murtii kamiyyuu akka jirutti barreeffamaan (yoo barbaaddan elektiroonikiin) nii fudhattu

**Nama isinii wajjin dhaabbatu abukaatoo hin taanee yoo fidattan**

Nama isinii wajjin dhaabbatu kan abukaatoo seeraa hin taanee yoo fidattan, namni sun kaffaltii abukaatoo (kaffaltii tajaajilaa biroo) qaama biraa irraa fudhachuuf hin malu. Namni isinii wajjin dhaabbatu dhaddacha irratti hirmaachuu hin danda'u, akkasumaas hirmaannaan isaa kan daangefame ta'uu danda'a.

## Si'achuu Adeemsa Dhaddachaa fi Yeroo Hojii

Adeemsa dhaddachaa si'ate jechuun dhaddacha waldhabdee barnoota addaa furuuf yeroo hojii kaa'ameen duratti ariifachuun xumurame jechuu dha Isin yookaan dhaabata barnootaa keessaa tokkoon keessan adeemsa dhaddachaa si'ataaf haala armaan gadii keessatti qofa gaafachu dandeessu:

1. Yoo murtii dhaabbanni barnootaa waa'ee ramaddii barnootaa ( sagantaa fi tajaajila) mucaa keessanii irratti sababa tarkaanfii naamusaatiin dabarsee wajjin waliif hin galtan ta'e; yookaan
2. Yoo bu'aa ibsa amala miidhama qaamaa wajjin walqabatanii irratti waliif hin galtan ta'e; yookaan
3. Dhaabbanni barnootichaa ramaddiin barnootaa mucaa keessanii (Sagantaa yookaan Tajaajila) inna ammaa mucaa keessanitti yookaan warreen kaanitti miidhama cimaa geessisuu danda'a jedhee yoo amane.

Yeroon komii adeemsa dhaddachaa ariifachiisaa yeroo furmaataa guyyoota kaalaandarii 15 fi yeroon dhaddachaa guyyoota barnootaa 20 of keessatti qabata. Dhaabbanni barnootichaa komii dhaddachaa erga simatee guyyoota hojii torba keessatti marii furmaataa saganteessuu qaba. Adeemsi dhaddachaa si'ataan erga dhumee, qondaalli dhaddachaa guyyoota barnootaa 10 keessatti murtii isa dhumaa barreessuun gara keessanii fi dhaabbata barnootichaatti erguu qaba. Yeroo adeemsi dhaddachaa si'ataan geggeeffamutti yeroon dabalataan kennamu hin jiru.

## Ol iyyannoo Murtoo

Hamma qaamni an miidhameera jedhee yaadu gara Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiotti murtiin kennamee guyyaa 45 gidduutti ol iyyannoo hin galchinetti, murtiin qondaala dhaddachaa bilisa ta'een kenname murtii isa dhumaati. Qaamni an miidhameera jedhee yaadu maatii yookaan dhaabbata barnootichaa ta'uu danda'a; kuni yeroo murtiin ogeessi dhaddachaa dabarse fedha isaanii hin eegne dha( kana jechuun qaamni sun hin mo'anne jechuu dha).

### MURTII QONDAALA DHADDACHAA AKKAMITTI OL IYYATTU

Murtii ogeessi daddachaa dabarse ol iyyachuuf, iyyata keessan barreeffamaan gara Mummichaatti erguu yookaan iimeelii gochuu akkasumas koppii isaa gara bakka bu'aa dhaabbata barnootaa keessanitti erguu qabdu. Mummichi gamaaggama walabaa murtii dhaddachaa irratti akka geggeessuuf qondaala gamaaggamaa sadarkaa isteetiittii isiniif ramada.( yookaan "qondaala gamaaggamaa") Mummeen Barnootaa fi Humna Hojii Ohio, qondaala gamaaggamaaf nii kaffala.

Qondaalli gamaaggamaa galmeewwan dhaddachaa hundumaa nii sakatta'a. Dabalataan, qondaalli gamaaggamaa dhaddhachi sun ulaagaa eeguun akka raawwate nii mirkaneessa akkasumas akka barbaachisummaa isaatti ragaa dabalataa nii gaafata. Qondaalli gamaaggamaa isinii fi dhaabbata barnootichaa irraa falmii afaanii yookaan barreeffamaa gaafachuu danda'a. Yoo hojjetaan gamaaggamaa falmii afaanii dhaggeeffachuuf dhaddacha geggeesse, mirgi keessan adeemsa dhaddachaa irratti isiniif kenname ture hundi (fuula 25 ilaalaa)  dhaddacha qondaala gamaaggamaa fuuldurattis nii hojjeta.

### DHEEREFFAMUU YEROO HOJII

Mummichi gaaffii gamaaggamaa sadarakaa isteetii keessanii erga fudhatee guyyoota 30 keessatti hojjetaan gamaaggamaa murtii nii dabarsa; dheereffama yeroof eeyyama yoo kenneen alatti, kunis isiniin yookaan dhaabbata barnootichaan gaafatamuu danda'a (haa ta'uu malee ol iyyannoon sun adeemsa dhaddachaa si'ate booda yoo ta'e, dheereffamuun yeroo hojii hin eeyyemamu) Akkasumas koppii yookaan galmee electiroonikii argannoo fi murtii ogeessa gamaaggamaa akka jirutti barreeffamaan fudhachuuf gaafachuu dandeessu.

### MANA MURTII FEDERAALAA YOOKAAN ISTEETIITTI OL IYYACHUU

Hamma ol iyyannoon gara mana murtii federaalaa yookaan isteetiitti hin geeffamnetti murtiin gamaaggama sadarkaa isteetii is dhumaa dha. Qaamni murtii ogeessa gamaaggamaan miidhameera jedhee yaadu( Kan mo'atame jechuu dha), guyyoota 90 murtiin qondaala gamaaggamaan itti darbe keessatti mana murtii distiriiktii federaalaatti yookaan guyyoota 45 hubachiisa murtii ogeessa gamaaggamaa itti fudhate keessatti iyyata gara mana murtii sadarkaa giddu-galeessaa biyya dhaabbanni barnootaa mucaa isaa itti argamuutti himata banuu danda'a. Manni murtii galmicha nii sakatta'a, gaaffii qaama lamaanii irratti hundaa'uun ragaa nii ilaala, sana  booda galmee fii ragaa dhiyaatan irratti hundaa'uun murtii dhumaa nii dabarsa. Baasii mana murtii ol iyyannoo mana murtichaatti galchitanii kaffaluu qabdu, ajaja mana murtichaa irratti hundaa'uunis kaffaltii mana murtii fi abukaatoo seeraa   raawwachuuf nii maltu ta'a.

**Murtii Qondaala Dhaddacha walabaairratti ol iyyannoo gaafachuuf**

Guyyoota 45 murtii itti fudhattan keessatti murtii ogeessa dhaddacha walabaa barreeffamaan mormuu (ol iyyachuu) nii dandeessu. Ol Iyyannoo keessan gara:

Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce)
Waajjira Ijoollee Addaa (Office for Exceptional Children) Kutaa Waldhabdee Furuu
25 South Front Street Mail Stop 409
Columbus, Ohio 43215
OECdueprocess@education.ohio.gov

Deeggersa dabalataaf, Waajjira Ijoollee Addaa Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce Office for Exceptional Children) (614) 466-2650 irratti yookaan Toora bilbilaa bilisaa (877) 644-6338 irratti bilbilaa.

## Yeroo Dhaddachaatti haala daa'imni ittiin turu

- Yoo isinii fi dhaabbanni barnootichaa ramaddiin barnootaa mucaa keessanii akka jijjiiramu waliigaltaniin alatti, yeroo adeemsa dhaddachaatti mucaan keessan ramaddii barnootaa isa ammaa keessa turuu qaba.
- Ramaddiin barnootaa mucaan keessanii inni ammaa, isa IEP dhiyootti hojiirra olfamee irratti ibsame dha.
- Yoo mucaan keessan sababa naamusaatiif dhaabbata barnootichaan IAEStti ( Bakka Barnootaa yeroofii yookaan bakka barnootaa yeroofii mana barumsaan alaa) ramadame, hamma ogeessi



Department of Education & Workforce

dhaddachaa murteessutti yookaan yeroon naamusaa dhaabbata mana barnootichaan mucaa keessaniif kenname dhumutti, mucaan keessan bakka barnootaa sana tura.

- Yoo iyyatni dhaddachaa daa'ima gara dhaabbata barnootaatti geessuu of keessati haammata ta'e, mucaan keessan eeyyema keessaniin hamma adeemsi dhaddachaa xumuramutti dhaabbata barnootichaatti ramadama.
- Yoo iyyatni keessan sababa mucaan keessan umuriin isaa/ishee sadii ta'eef tajaajila seera umurii mana barumsaa jalattii akka argatuuf gaafate, garuu tajaajila dursaa seerichaaf ulaagaa hin guutu yoo ta'e, dhaabbanni barnootichaa tajaajila dursaa mucaan keessan hin fudhatiin ture kennuun irraa hin eegamu
- Yoo daa’imni keessan tajaajila barnoota addaa argachuuf ulaagaa guutee argamee fi warri tajaajila jalqabaa kennuudhaaf hayyama yoo kenne, sana booda dhaabbati barnootaa tajaajiloota warraa fi dhaabbata barnootaa gidduutti waldhabdee hin qabne sana kennuu qaba.
- Ogeessi gamaaggamaa jijjiirraan ramaddii mucaa keessanii akka barbaachisu isinii wajjin yoo waliigale, ramaddichi akka waliigaltee isteetii fi maatii gidduutti taasifameetti fudhatamuu qaba.

# Kaffaltii Abukaatoo Seeraa

Adeemsa dhaddachaa ( yookaan ol iyyannoo murtii dhaddachaa) keessatti akka bakka isin bu'uuf yeroo barbaaddanitti Abukaatoo qacarachuu nii daandeessu, garuu baasii isaa ofii keessanii kaffaltu. Yoo abukaatoo seeraa qacarachuu filattanii fi gocha dhaddachaa yookaan ol iyyannoo gara mana murtii federaalaa yookaan isteetii mo'attan (isiniif faradame), manni murtii dhaabbanni barnootichaa kaffaltii abukaatoo akka isiniif kaffaluuf ajajuu danda'a.

## YOO DHAABBANNI BARNOOTAA MO'ATE

Yoo dhaabbanni barnootaa mo'ate, manni murtii baasii abukaatoo dhaabbata barnootichaa akka kaffaltan isin ajajuu danda'a. Manni murtii yoo dhaabbanni barnootichaa mo'atee fi kanneen armaan gadii keessaa tokko yoo murteesse, isin yookaan abukaatoon keessan kaffaltii abukaatoo Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohiof yookaan dhaabbata barnootichaaf akka kaffaltan ajajuu danda'a:

- Gochichi bu'uura kan hin qabne, sababa kan hin qabnee fi waa'ee kan hin baafne yoo ta'e
- Erga gochichi bu'uura kan hin qabne, sababa kan hin qabnee fi waa'ee kan hin baafne ta'uunsaa ifatti ibsamee booddee gara adeemsa seeraatti fiduu yoo itti fuftan
- Gochichi kaayyoo sirrii hin taaneef, kana akka rakkisuuf, lafarra harkifamuu hin barbaachifne uumuuf yookaan baasii seeraa hin barbaachisne olkaasuuf kan fudhatame yoo ta'e.

#### MANNI MURTII BAASIIN SEERAA ISINIIF YOOKAAN DHAABBATA BARNOOTICHAAF AKKA DEEBISAMEE KAFFALAMU YOO AJAJE

Manni murtii baasiin seeraa isiniif yookaan dhaabbata barnootichaaf deebisamee kaffalamu yoo ajaje, manni murtii hamma fudhatamaa ta'e murteessa. Kaffaltiin abukaatoo gatii  hawaasa dhadachi sun keessatti geggeeffameen beekamu irratti kan hundaa'e akkasumas gosaa fi qulqullina tajaajila dhiyeeffamee irratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Manni murtii kaffaltii abukaatoo kennuu irratti daangaan muraasni nii jiraatu.

Manni murtii haalota kanneen iirratti kaffaltii abukaatoo kennuu hin danda'u:

- Yeroo dhaabbanni barnootaa waldhabdee furuuf guyyaa 10 dhaddachaa keessatti carraa isiniif kennutti, carricha guyyaa 10 keessatti yoo hin fudhatiin haftan, murtiin darbu hamma carraa waldhabdee furuu dhaabbata barnootaan isiniif dhiyaatee gaditti isinitti tola.
    - Haa ta'u malee, gochicha keessatti yoo mo'attanii fi manni murtii carraa dhaabbanni barnootaa isiniif dhiyeessse fudhachuu dhiisuun keessan sirrii ta'uu ( sababa gaarii qabaachuu keessan) yoo murteesse, manni murtii kaffaltii abukaatoo isiniif nii kenna.

- Hirmaannaa abukaatoon keessan walgahii IEP keessatti taasiseef-yoo walgahichi sababa dhaddacha bulchiinsaaf yookaan gocha mana murtiif waamameen alattti
- Hirmaannaa abukaatoon keessan marii furmaataa irratti taasiseef

**BAASII ABUKAATOO HIR'ISUU**
Manni murtii kaffaltii abukaatoof kennu hir'isuu danda'a, Yoo:

- Yeroo dhaddachaatti, isin yookaan abukaatoon keessan sababa malee waldhabdee sanaaf furmaata dhumaa lafarra harkistan
- Hammi kaffaltii abukaatoo keessanii hamma kaffaltti sa'aatiitti abukaatoowwan tajaajila walfakkaataa dandeettii gahaa, beekamtii fi muuxannoo qaban hawaasicha keessatti kaffalchiisan garmalee yoo caale
- Yeroon itti fudhatamee fi tajaajilli isin argattan haala gochichaa fi adeemsichaaf kan maluu ol yoo ta'e
- Hubachiisa iyyataa keessan gara dhaabbata barnootaatti ergitan keessatti abukaatoon keessan odeeffannoo barbaachisoo hin dhiyeessine yoo ta'e

Manni murtii isteetiin yookaan dhaabbanni barnootaa sababa malee murtii dhumaa kennuuf lafarra akka harkisan yoo bira ga'e yookaan eegumsa adeemsa IDEA yoo cabsan, kanneen armaan olii hojiirra hin oolan.

# Naamusa

## Adeemsa Naamusaa Daa'imman Qaama miidhamoof

Haala tokko tokko keessatti, erga dhaabbanni barnootichaa mucaan keessan rammaddii barnoota isaa isa ammaa irraa hambisee yookaan ari'ee, dhaabbanni barnootichaa tajaajila barnoota addaa mucaa keessa qaama miidhamaaf kennuu itti fufuu nii mala. ( Waa'ee ramaddii barnoot aisaa/ishee isa ammaa irratti IEP mucaa keessanii ilaalaa.)

### RAMADDII BARNOOTAA FI FILANNOOWWAN JIRAN

Yoo mucaan keessan sababa seera dhaabbata barnootaa cabseef walitti aansuun guyyaa barnootaa 10 gadi ta'eef ramaddii barnootaa isaa/ishee isa ammaa irraa ari'ame/te, dhaabbanni barnootichaa yeroo sanatti tajaajila barnoota addaa mucaa keessaniif kennuun irraa hin eegamu. Yoo mucaan keessan *walitti aansuun guyyaa 10 oliif* mana barumsaa irraa ari'ame, yoo mucaan keessan haala barnootaa biroo keessa jiraate illee,( fakkeenyaaf, daree barnootaa yookaan gamoo kan biroo, mana barataa) dhaabbanni barnootichaa tajaajila barnoota addaa mucaa keessaniif kennuu itti fufuu qaba.

Yoo dhaabbanni barnootichaa mucaa keessan waggaa barnootaa tokko keessatti guyyaa barnootaa 10 oliif ramaddii isaa/ishee isa ammaa irraa ari'e, akka jijjiirraa ramaddii barnootaa mucaa keessaniitti ilaalama.

Yoo dhaabbanni barnootichaa mucaa keessan waggaa barnootaa tokko keessatti yeroo adda addaatti walitti ida'amuun guyyaa 10 kan ta'uuf ramaddii barnootaa irraa ari'e, manni barumsichaa ari'amuun kun jijjiirraa ramaddii barnootaa da'ima keessanii kan fidu ta'uu adda baasuu qaba.

Yeroo kana adda baasutti, manni barumsichaa kanneen armaan gadii ilaalcha keessa galchuu qaba:

- Dheerina turtii tokkoon tokkon yeroo mucaan keessan itti ari'amee
- Turtii yeroo waliigalaa mucaan keessan itti ari'amee
- Yeroon ari'amuu sun hammam akka walitti dhiyaatan
- Walfakkeenya amala mucaa keessanii taatee ari'amuu isaa/ishee kanaan duraa wajjini

Sababa mucaan keessan seera mana barumsaa hin eegneef yoo ramaddiin barumsaa mucaa keessanii jijjiiramu, dhaabbanni barnootichaa, maatiin akkasumas miseensonni IEP murteessoon ( akka maatii fi dhaabbata barnootaan ibsameetti) gamaaggama amala miidhama qaamaa wajjin walqabatanii taasisuuf walgahii geggeessuu qabu. Kaayyoon gamaaggama amala miidhama qaamaa wajjin walqabatanii geggeessuu, yoo amalli mucaa keessanii miidhama qaamaa inni/isheen qabu/qabdu wajjin kallattiin yookaan hariiroo jabaa qabaate adda baasuufi.



## Amala Miidhama Qaamaa wajjin wal-qabatan adda baasuu

Sabab naamusaaf ramaddii barnoota mucaa keessanii jijjiiruun dura, dhaabbanni barnootichaa mirga mucaa keessanii eeguuf tarkaanfiiwwan muraasa fudhachuu qaba. Tarkaanfiin tokko walgahii amala Miidhama Qaamaa wajjin wal-qabatan adda baasuu geggeessuu dha. Walgahiin kunis yoo amalli mucaa keessanii miidhama qaamaa inni/isheen qabu/qabdu wajjin kallattiin yookaan hariiroo jabaa qabaate adda baasuufi. Karaa biraan, amalli mucaa keessanii sababa miidhama qaamaa isaa/ishee uumame? Gareen IEP baratichaa amalli mucaa keessanii sababa miidhama qaamaa isaa/ishee uumamuu isaa murtiin jijjiirraa ramaddii barnootaa kamiyyuu erga kennamee booda guyyoota barumsaa 10 keessatti adda baasa.

### WALGAHII GAMAAGGAMA AMALA MIIDHAMA QAAMAA WAJJIN WALQABATAN ADDA BAASUU

Walgahii gamaaggama amala miidhama qaamaa wajjin walqabatan adda baasuu irratti, isinii fi miseensonni IEP odeeffannoo barbaachisoo kan akka IEP mucaa keessanii, hubannoo barsiisaa fi odeeffannoo barbaachisaa isin dhiyeessitan nii gamaaggamtu.

Yoo amalli mucaa keessanii miidhama qaamaa wajjin walqabata ta'e, gareen IEP ramaddiin akka jijjiiramu yoo waliigaleen alatti, mucaan keessan gara ramaddii barnootaa irraa ari'ametti/ari'amtetti deebi'a/deebiti.

Yoo amalli mucaa keessanii amala miidhama qaamaa wajjin walqabatu ta'e, gareen IEP:

1. Gamaaggama Bu'uura amalaa guyyaa 10 keessatti eegaluun hamma danda'ametti ariifachuun xumuruu qaba. Gamaaggamni bu'uura amalaa, gamaaggama amalaa mucaa keessanii fii maaltu naannoo mucaa keessaniitii akka inni amala hin barbaachisne agarsiisuuf kakaasa isa jedhu, akkasumas mucaa keessaniif bu'aa gaarii agarsiisuuf ramaddii amalaa kamtu barsiifamuu qaba isa jedhu adda baasuuf fayyada.
2. Yoo gamaaggamni bu'uura amalaa mucaa keessanii xumaramee fi naamusa jedhamee wajjin walqabata ta'e, karoora fooyya'iinsa amalaa mucaa keessanii eegaluu qaba ( karoorri fooyya'iinsa amalaa, amaloota mana barumsaatti sirrii hin taanee fi tooftaalee ittiin manni barumsichaa hir'isuuf yaadu of keessatti qabata). yookaan



Ohio Department of Education & Workforce

3. Yoo karoorri fooyya'iinsa amalaa dursee jiraate, guyaa 10 keessatti gamaaggamuun jijjiirramni barbaachisu yoo jiraate taasisaa.

## Filannoowwan Haala Barnootaa yeroo murta'eef (Yeroo gabaabaaf yookiin kan biroo)

Murtiin mucaa keessan Filannoowwan Haala Barnootaa yeroo murta'eefiitti(  interim alternative educational setting (IAES)) ramaduu ,garee IEP mucaa keessaniin taasifama. IAES'n ramaddii kan biroo fi yeroo gabaabaa mucaan keessan ittiin barnoota addaa argatu dha. Guyyaa gareen IEP, sababa mucaan keessan seera mana barumsaa cabseef ramaddiin mucaa keessanii akka gara IAEStti jijjiiramuuf murteessetti, dhaabbanni barnootichaa murtoo kana isin beeksisuu qaba, akkasumas Qajeelfama Mirgoota Maatii Barnoota Addaa Keessattii isiniif kenna.

Amalli mucaa keessanii sababa miidhama qaamaa irraan kan ka'e ta'uyyuu, yoo mucaan keessan kan armaan gadii raawwate, dhaabbanni barnootichaa mucaa keessan guyyaa mana barumsaa 45f gara IAEStti geessuu danda'a:

- Meeshaa waraanaa baate
- Osoo beekuu qorichoota seeraan alaa qabaate yookaan fayyadame, yookaan qorichoota to'ataman gurgure yookaan bituu fi gurguruu yaale( fakkeenyaaf, qorichoota nama hadoochan)
- Miidhaa qaamaa cimaa nama biraa irratti yoo qaqqabsiise/qaqqabsiiste

Kunis yoo mucaan keessan amala kana gara mana barumsaatti osoo deemuu, mana barumsaatti yookaan bakka taatee mana barumsaatiin qophaa'eetti yoo agarsiise hojiirra nii oola.

Yoo amalli mucaa keessanii *kallattiin sababa miidhama qaamaa isaa/ishee hin taane*, turtii daa'imni miidhama qaamaa hin qabne itti adabamuun walfakkaatuun, mucaan keessan IAEStti ramadamuu danda'a.

**Yeroo amalli mucaa keessanii sababa miidhama qaamaa shakkamee ta'u**

Yoo mucaan keessan IEP hin qabu ta'e, mucaan keessan seera mana barumsaa osoo hin cabsiin dura kannen armaan gadii keessaa tokko yoo raawwate, manni barumsichaa mucaa keessan akka qaama miidhamaatti akka simatuuf gaafachuu dandeessu:

- Hojjetaa bulchiinsa mana barumsaatti yookaan barsiisaa mucaa keessaniitti barreeffamaan mucaa keessan barnootni addaa akka barbaachisu akka yaaddan yoo itti himtan, yookaan
- Ilaalamuu mucaa keessaniif yoo gaafattan, yookaan
- Barsiisaan mucaa keessanii yookaan hojjettoonni mana barumsichaa biroon waa'ee amala mucaa keessanii irratti yaaddoo akka qaban kallattiin qindeessaa barnoota addaatti yookaan hojjetaa to'annaatti yoo himan.
- Dhaabbatichi mucaa keessan barnoota addaaf akka inni ilaaluuf hayyama yoo dhowwattan, dhaabbanni barnootaa keessan mucaa keessan akka daa'ima qaama miidhamaatti simachuun irraa hin eegamu. Akkasumas yoo isin barnoota addaa fii tajaajilawwan biroo diddan, akkasumas mucaan keessan garee sanaan ilaalamee akka miidhama qaamaa hin qabne yoo murtaa'e, waanta walfakaataa ta'a. Dhaabbanni barnootichaa haaluma daa'imman biroo amala walfakkaatu agarsiisan miidhama qaamaa hin qabneen adabutti mucaa keessan adabuu danda'a.

Aamalli mucaa keessanii *miidhama qaamaa wajjin kan walqabatu ta'ee argamnaanii* fi mucaan keessan seera mana barumsaa cabsee argamnaan, yoo isinii fi dhaabbanni barnootichaa akka qaama jijjiirraa karoora fooyya'iinsa amalaa yookaan IEPtti ramaddii barnootaa jijjiiruuf waliigaltaniin alatti mucaan keessan gara haala barnoota isaa irraa ari'amee tureetti deebi'uu qaba

Haa ta'u malee, dhaabbanni barnootichaa mucaa keessan ramaddii barnootaa isaa isa ammaa keessa tursuun ( akka IEP mucaa keessaniitti) mucaa keessaniitti fio warreen kaanitti miidhaa geessisuu danda'a jedhee yoo amane, waa'ee kanaa mari'achuuf dhaabbanni barnootichaa walgahii IEP waamuu danda'a. Yoo isinii fi dhaabbanni barnootichaa waa'ee jijjiirraa ramaddii waliigaluu dadhabdan, dhaabbanni barnootichaa si'achuu adeemsa dhaddachaaf gaafachuu danda'a- kana jechuun furmaatni dafee akka argamuuf adeemsa dhaddachaa ariifatuuf gaafachuu danda'a.  ( si'achuu adeemsa dhaddachaa fuula 25 irratti ilaalaa).

## YOO JIJJIIRRAA RAMADDII BARNOOTAA FI ARGANNOO GAMAAGGAMA AMALA MIIDHAMA QAAMAA WAJJIN WALQABATANIITTI WALIINGALTAN TA'E

Murtii jijjiirraa haala barnootaa mucaa keessanii sababa naamusaa yookaan argannoo gamaaggama amala miidhama qaamaa wajjin walqabatanii falmuuf, si'achuu adeemsa dhaddachaaf gaafachuu dandeessu. (odeeffannoo adeemsa dhaddachaa fuula 25).irratti ilaalaa Ogeessi loogii hin qabne yeroo si'achuu adeemsa dhaddachaatti, dhaabbanni barnootichaa yeroo ramaddii barnootaa mucaa keessanii jijjiiretti ulaagaa hordofuu isaa yookaan amalli mucaa keessanii miidhama qaamaa wajjin kan walqabate ta'uu yookaan ta'uu dhiisuu agarsiisuu isaa nii murteessa.

Akka armaan olitti ibsametti, dhaabbanni barnootichaa mucaa keessan ramaddii isaa isa amma keessa tursuun, isaa fi warreen kaanitti miidhaa fiduu danda'a jedhee yoo amane, si'achuu adeemsa dhaddachaaf gaafachuu danda'a. (si'achuu adeemsa dhaddachaa fuula 25 irratti ilaalaa).

# Ramaddii gam-tokkee Daa’imman Qaama Miidhamtoota Baasii mootummaatiin Mana Barumsaa Dhuunfaa Keessatti maatiin raawwatamu

## Adeemsa Kaffaltii Beenyaa Murteessuu

Yoo mucaa keessan mana barumsaa dhuunfaa galchuu filattan, hamma carraa Barnoota Mootummaa bilisaa fi sirrii ta'e (FAPE) mucaa keessaniif kennetti, dhaabbanni barnootaa keessan baasii barumsaa yookaan barnoota addaa fi tajaajilota biroo mana barumsaa dhuunfaa sanaa isiniif kaffaluun irraa hin eegamu. Yoo dhaabbanni barnootaa keessan mucaa keessaniif carraa FAPE hin kennine jettanii amantu ta'e, filannoo iyyata adeemsa dhaddachaa bakka itti dhaddachi geggeeffamuu fi ogeessi dhaddachaa loogii hin qabne dhaabbanni barnootichaa mucaa keessaniif carraa FAPE kennuu isaa adda baasuuf murtii itti dabarsuu nii qabaattu. (Odeeffannoo adeemsa dhaddachaaf fuula 24 ilaalaa). Yoo ogeessi dhaddachaa loogii hin qabne akka dhaabbanni barnootichaa carraa FAPE akka isiniif hin dhiyeessine murteesse, ogeessi dhaddachaa beenyaan baasii itti mucaa keessan mana barumsaa dhuunfaa galchitan akka isiniif kaffalamu murteessuu danda'a.

### HIR'IFAMUU YOOKAAN HAMBIFAMUU KAFFALTII BEENYAA

Kan armaan gadii keessaa tokko yoo raawwate, beenyaan dhaabbanni  barnootichaa isiniif kaffaluun irra jiru hir'achuu yookaan guutummaan guutuutti hambifamuu danda'a:

- Walgahii IEP yeroo mucaa keessan mana barumsichaatii baastan dursee ture irratti ramaddii barnootaa garee IEPtiin isiniif dhiyaate akka hin fudhanne mana barumsichaatti hin himne yoo ta'ee fi waa'ee yaaddoo keessanii fi karoora mucaa keessan mana barumsaa dhuunfaa galchuu yoo itti himtaniittu ta'e.
- Mucaa keessan dhaabbata barnootichaatii osoo hin baasiin yoo xiqqaate guyyaa hojii 10 dura akka IEP sana hin fudhanneefi mucaa keessan mana barumsaa dhuufaa galchuuf akka karoorsitan barreeffamaan mana barumsichaa hin beeksifne yoo ta'e ( Guyyoonni hoji 10 kun ayyaanota guyyoota hojii irra bu'an of keessati akka haammatu hubadhaa).
- Dhaabbanni barnootichaa hubachiisa barreeffamaa karoora ilaalamuu mucaa keessanii isinittii kennee, isin immoo mucaan keessan ilaalamuu sana irratti akka argamu hin goone yoo ta'e
- Manni murtii sababa malee gocha kana raawwattan jedhee yoo murteesse

### EEGUMSA KAFFALTII BEENYAA

Kanneen armaan gadii keessaa tokko yoo raawwate, Beenyaan (Hammi deebi'ee isiniif kaffalamu) hir'achuu yookaan isin jalaa hambifamuu hin danda'u:

- Dhaabbani barnootichaa hubachiisa dhiyeessuu irraa isin dhorkeera yoo ta'e
- Dhaabbanni barnootichaa hubachiisa dhiyeessuu akka qabdan isinitti hin himne yoo ta'e.
- Hubachiisa sana dhiyeessuun mucaa keessan irra miidhaa qaamaa geessisuu kan danda'u ture yoo ta'e

Akkasumas, manni murtii yookaan ogeessi dhaddachaa baasiin beenyaa akka hin hir'ifamne yookaan hin hambifamne gochuu danda'a, yoo sababni hubachiifni hin galiin hafeef saba:

- Isin afaan Ingilizii dubbisuu yookaan barreessuu hin dandeenye ta'eef, yookaan
- Hubachiisa sana dhiyeessuun mucaa keessan irra miidhaa miiraa cimaa geessisuu danda'uuf

# Daa'imman Miidhama qaamaa qabaniif sagantaa barnoota bilisaa maatii isaanii beeksisuu

## Yeroo Beeksisni Raawwatu

Yeroo dhaabbanni barnootaa ilaalamuu daa'ima qaama miidhamaa xumuru yookaan IEP daa'ima sanaa ijaaru, gamaaggamuu fi keessa deebiin ilaalu hundumaatti, dhaabbanni barnootichaa waa'ee Sagantaa Barnoota Bilisaa Ootiizimii fi Sagantaa Barnoota Bilisaa Jon Peterson isinitti himuu qaba.

### SAGANTAA BARNOOTA BILISAA OOTIIZIMII

Sagantaa Barnoota Bilisaa Ootiizimii irratti odeeffannoo dabalataaf weebii Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohioo (Ohio Department of Education and Workforce) education.ohio.gov irratti ilaalaa akkasumas ***Autism Scholarship Program*** barreessuun barbaadaa, yookaan iimeelii autismscholarship@education.ohio.gov. irratti ergaa

### SAGANTAA BARNOOTA BILISAA JON PETERSON

Yoo mucaan keessantajaajila barnoota addaa argachh jira/jirti ta'e, Sagantaa Barnoota Bilisaa Jon Petersoniif ulaagaa guutuu nii dandeessu

Sagantaa Barnoota Bilisaa Jon Peterson irratti odeeffannoo dabalataaf weebii Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohio (Ohio Department of Education and Workforce) education.ohio.govirratti ilaalaa akkasumas***Jon Peterson Scholarship***barreessuun barbaadaa, yookaan iimeeliipeterson.scholarship@education.ohio.govirratti ergaa.

**Odeeffannoo Dabalataa**

Odeeffannoon sagantaa barnoota bilisaa weebii Mummee Barnootaa fi Humna Hojii Ohioo education.ohio.gov irratti nii argama.

Waa'ee sagantaa barnoota bilisaa kana irratti odeeffannoo yookaan gaaffiif, Waajjira Filannoo Barnootaa Miti Mootummaa) (614) 466-5743 irratti yookaan Toora bilbilaa bilisaa (877) 644-6338 irratti quunnamaa.



Department of Education & Workforce